# SAKATTA'A WALITTI FUFINSAAFI DAGAAGINA QABIYYEE OGBARRUU (BOQONNAA GARA BOQONNAAFI OLEE) KITAABA BARATTOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 11FI 12

**ARAARSOO LEELLISAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# SAKATTA’A WALITTI FUFINSAAFI DAGAAGINA QABIYYEE OGBARRUU (BOQONNAA GARA BOQONNAAFI OLEE) KITAABA BARATTOOTAA AFAAN OROMOO KUTAA 11FI 12

ARAARSOO LEELLISAA

GORSAAN: Dr. DINQEESSAA DHEERESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGUBARRUU BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE

**Yunvarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Araarsoo Leellisaa mata duree: *Sakatta'a Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee Ogbarruu (Boqonnaa gara Boqonnaafi olee) Kitaaba Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 11fi 12* jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yunivarsiitiin Kaa'e Guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa________________________________Mallattoo ________ Guyyaa ___________

Qoraa Keessaa____________________________ Mallattoo _________ Guyyaa ____________

Gorsaa __________________________________ Mallattoo _________ Guyyaa ____________

---

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa

# Axereeraa

*Qorannoon kun mata duree "Sakatta'a walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu (boqonnaa gara boqonnaafi olee) kitaaba barattoota Afaan Oromoo kutaa 11fi 12" jedhu irratti kan gaggeeffamedha. Sababni mata-duree kanarratti qorannoo gaggeessuuf ka'umsa ta'e, qorataan kun yeroo dheeraaf Afaa Oromoo barsiisaa kan ture yommuu ta'u, turtii isaa kana keessatti waa'ee dhiyaannaa ogbarruu kutaa 11fi 12 irratti komiin barsiisaafi barattoota biraa darbee darbee ka'uunsaafi kallattii mata duree Kanaan qorannoon bal'aa kutaawwan kana lamaan irratti gaggeeffamuu dhabuun qoratichaaf rakkoo xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'ee waan itti mul'ateef qorannoo irratti gaggeessuuf kaka'umsa itti horee jira. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas, kitaabilee barattootaa kutaa 11fi 12 keessatti qabiyyeen ogbarruu walitti fufinsaafi dagaagina boqonnaa gara boqonnaafi olee qabaachuu isaa adda baasuudha. Qorataan kitaabni barattoota Afaan Oromoo ku. 11fi 12 walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee qabaachuufi qabaachuu dhabuu isaanii adda baasuun yaada furmaataa kaa'uuf immoo gosa qorannoo keessaa qorannoo ibsaatti dhimmi bahee jira. Madda odeeffannoo kitaaba barattootaa Afaan Oromoo ku. 11fi 12fi barsiisota kutaa kana lamaan barsiisan mala iddatteessuu mit-carraa keessaa akkaayyoon filateera. Iddattoowwan kana irraas odeeffannoo funannachuuf meeshaalee funaansa ragaalee sakatta'a dokumantiifi af-gaaffiitti dhimmi bahee jira. Odeeffannoon sakatta'a dokumantiifi af-gaaffiin funaanaman mala akkamtaafi hammamtaan ykn makoo ibsaan qaacceffamaniiru. Akka ragaalleen qaacceffaman mul'isanitti walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee ogbarruu ku. 11fi 12 ciminaafi hanqina qabaachuu mul'iseera. Haata'u malee, qorannoon irra caalatti hanqina irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha. Kunis kan ta'eef, hanqinoota mul'atan fooyyessuun akka danda'amuuf yaada furmaataa eeruufi. Argannoo qorannoon kun agarsiise haalli dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu kitaaba barattoota Afaan Oromoo ku. 11fi 12 hanqina qabaachuu isaa agarsiisee jira. Akkasumas, qabiyyeen ogbarruu kutaadhaa gara kutaattii akka kan boqonnaa gara boqonnaa hanqina bal'aa ta'uu baatus, hanqinni jiraachuu isaa qaaccessii boqonnaa afur jalatti gaggeeffame mul'isee jira. Walumaagalatti, argannoo qorannoo kana irraa ka'uun haalli qophii kitaabilee barattoota Afaan Oromoo ku. 11fi 12 walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaa gara boqonnaafi olee irratti osoo xiyyeeffannoon kennamee gaariidha.*

# Galata

Hunda dura Waaqayyo isa waan hunda keessa nadabarsiisee garuummaa isaatiin egee har'an nagahuun hojii kana hojjedhee akkan xumuru kan nataasiseef galanni koo dangaa hinqabu.

Itti aansuun nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa naaf gochuun gorsaafi deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda haala barbaachisuun naaf taasisaaniin milkaa'ina qorannoo kanaatiif gumaacha guddaa naaf godhan gorsaakoo Dr. Dinqeessaa Dheeressaa baay'een galateeffadha.

Dirqama maatummaa isaanii hunda bahuun dadhabbiifi nuffii tokko malee bu'aa bahii jireenyaa hunda keessa nadabarsuun bakkan har'a jiru kana gahuuf bu'uura jalqabaafi dhumaa kan naaf ta'an abbaakoo Obbo Leellisaa Chamadaafi haadhakoo Aadde Kabbabuush Kormee olmaa keessan hundaaf isin galateeffachuun waaqayyo umrii keessan naaf haadheeressun jechuun barbaada.

Kana malees, kallattii hundaan nabira dhaabbachuun jalqabaa hanga dhumaatti nafaana ta'uun hojii qorannoo kanaatti najajjabeessuun milkaa'ina qorannoo kanaaf gahee olaanaa kan bahaa ture obboleessakoo Habtaamuu Garramuu hedduun galateeffadha. Akkasumas, hiriyyoota koo bakka hojiitti dhimma kanarratti tumsa naaf godhan hundaaf galanni koo guddaadha.

Dhumarratti, yeroon qorannoo kana gaggeesse kitaabilee qorannoon kun irratti gaggeeffameefi meeshaalee adda addaa akkasumas, deeggarsa yaadaa kan naaf kennitan hundaafi barsiisota mana barumsaa Qophaa'ina Buraayyuu galma gahinsa qorannoo kanaaf bu'uura kan ta'e odeeffannoo kan naaf kennan hundaas guddiseen galateeffadha.

**Gabaajeewwan**

**boq.**: boqonnaa

**KBAO**: Kitaaba Barattootaa Afaan Oromoo

**K/B**: Kitaaba Barattootaa

**Ku**: kutaa

**ku 11**: kutaa kudha-tokko

**ku 12**: kutaa kudha-lama

**MDB** : Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereeraa .......... iii
Galata .......... ii
Gabaajeewwan .......... iii
Boqonnaa Tokko: Seensa .......... 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa .......... 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa .......... 4
1.3. Kaayyoowwan Qorannicha .......... 5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .......... 5
1.3.2. Kaayyoowwan Gooree isaa immoo .......... 5
1.4. Faayidaa Qorannichaa .......... 6
1.5. Daangaa Qorannichaa .......... 6
1.6. Hanqina Qorannichaa .......... 8
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu .......... 9
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee .......... 9
2.1.1. Sirna Barnootaa .......... 9
2.1.2. Faayidaa Sirna Barnootaa .......... 11
2.1.3. Meeshaalee Sirna Barnootaa .......... 13
2.1.3.1. 'Felow Chart' .......... 14
2.1.3.2. Silabasii .......... 15
2.1.3.3. Qajeelcha Barsiisaa .......... 16
2.1.3.4. Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa .......... 17
2.1.3.5. Kitaaba Barattoota .......... 18

2.1.4. Qabiyyee Barnootaa ....................................................................................20
2.1.4.1. Ogbarruu ..................................................................................................21
2.1.4.2. Gosoota Ogbarruu ...................................................................................22
2.1.5. Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee ...........................................................23
2.1.5.1. Maalummaa Walitti Fufinsa Qabiyyee .........................................................23
2.1.5.2. Walitti Fufinsa Qabiyyee Boqonnaa Gara Boqonnaatti Jiru ..........................25
2.1.5.3. Walitti Fufinsa Qabiyyee Olee .....................................................................25
2.1.5.4. Barbaachisummaa Walitti Fufinsa Qabiyyee ...............................................26
2.1.5.5. Maalummaa Dagaagina Qabiyyee ...............................................................26
2.1.5.6. Barbaachisummaa Dagaagina Qabiyyee ......................................................27
2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii ...........................................................................27
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa ...................................................30
3.1. Saxaxa Qorannichaa .......................................................................................30
3.2. Madda Ragaalee ..............................................................................................30
3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee .....................................................................31
3.3.1. Sakatta'a Dookumentii ...................................................................................32
3.3.2. Af-gaaffii .........................................................................................................32
3.4. Mala Iddatteessuu ...........................................................................................33
3.4.1. Kitaabilee barnootaa .......................................................................................33
3.4.2. Qabiyyee Ogbarruu .........................................................................................33
3.4.3. Mana Barumsaa ...............................................................................................34
3.4.4. Barsiisota .........................................................................................................34
3.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ..............................................................................35
Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee .........................................................36
4.1. Ibsa gabaabaa Waa'ee Madda Ragaalee ..........................................................36

4.1.1. Ibsa Gabaabaa Waa’ee Kitaabilee A/O kutaa 11fi 12 .......................................... 36
4.1.1.1. Kitaaba Barattootaa kutaa 11 .......................................................................... 36
4.1.1.2. Kitaaba Barattootaa kutaa 12 .......................................................................... 36
4.1.1.3. Ibsa Gabaabaa Namoota Ragaa Kennanii .................................................... 37
4.2. Qaaccessa Sakatta’a Dookumentii .............................................................................. 37
4.2.1. Haala Dhiyaannaa Ogbarruu Ilaalchise .............................................................. 37
4.2.2. Bu’aa Sakatta’insa Kitaabilee ............................................................................. 40
4.2.3. Walitti Fufinsa Qabiyyee Mul’atan Keessatti Dagaagina Qabiyyee Ogbarruu Boqonnaadhaa Gara Boqonnaatti Kan Kutaa 11 ......................................................... 46
4.2.4. Walitti Fufinsa Qabiyyee Boqonnaadhaa Gara Boqnnaatti Jiru Keessatti Dagaagina Qabiyyee ......................................................................................... 48
4.2.5. Walitti Fufinsa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Olee (Kutaa 11 Gara Kutaa 12) .. 49
4.3. Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisota Irraa Funaanamee .................................................. 51
5.1. Cuunfaa ....................................................................................................................... 56
5.2. Argannoo ...................................................................................................................... 57
5.3. Yaboo ........................................................................................................................... 59
Wabii ................................................................................................................................... 61

## Baafata Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee (1): Xiinxala gosoota og-barruu KBAO kutaa 11 .................................................38

Gabatee (2): Xiinxala gosoota og-barruu KBAO kutaa 12 .................................................39

Gabatee (3) Walitti Fufinsa Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti jiru kan agarsiisu (kutaa 11).........................................................................................40

Gabatee (4): Walitti Fufinsa Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti jiru kan agarsiisu (kutaa 12).........................................................................................42

Gabatee (5): Walitti fufinsa qabiyyee kutaa 11 gara kutaa 12 jiru agarsiisu..........................44

Gabatee (6): dagaagina qabiyyee boqonnaadhaa gara boqonnatti (kutaa 11 ) .......................46

Gabatee (7): Dagaagina qabiyyee boqonnaadhaa gara boqonnatti (kutaa 12 ).......................48

Gabatee (8): Dagaagina qabiyyee ogbarruu kutaa 11 gara kutaa 12.....................................49

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee barnootaa qindeessuu keessatti shoora olaanaa kan taphatu qophii sirna barnootaafi meeshaalee sirna barnotaati. Sirni barnootaa adeemsa guddina ijaarsa beekumsaafi muuxannoo kallattii barattoonni dandeettii isaanii fooyyeffataniifi yaadaafi gochaan karaa ittiin guddataa deemanidha; akkasumas, barnootaanis cimaa ta'anidha. Kanaafuu, Sirni barnootaa tokko yommuu qophaa'u ulaagaa keessa darbu niqabaata. Dursa fedhii adda baasuudha. Itti aansuun kaayyoon maal akka ta'e ibsuudha; qabiyyeewwan kaayyoo sana galmaan ga'an filachuu, qabiyyeen filame kun immoo akkamiin qindaa'uu qaba kan jedhu irratti xinxaluudha. Kanatti aansuun immoo muuxannoowwan barsiisuu filachuufi muuxannoowwan filataman kana immoo haala qabiyyee jiran sana waliin deemaniin qindeessuudha. Dhumarratti maal akka madaalluufi akkamitti akka madaallu murteessuudha (Taba's outline 1962:12).

Haala qophii qabiyyee barnootaaf immoo inni bu'uurri sirna barnootaati. Sirna barnootaa ka'umsa godhachuun immoo meeshaaleen sirna barnootaa niqophaa'u. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti meshaaleen sirna barnootaa gahee olaanaa waan qabaniif, bifa ifaafi qulqullina qabuun qophaa'uu qabu. Isaanis kanneen akka 'felow chart', silabasii, kitaabilee barattootaa, qajeelcha barsiisotaafi meeshaalee deeggarsa barnootaati. Meeshaaleen kunniin kan addaan bahanii hinilaalamne haata'uyyuu malee, qorannoo kana keessatti akkuma armaan oliitti ibsame haala qophii qabiyyee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^ffaa^fi 12^ffaa^ irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalamedha. Kallattiin xiinxala kitaabilee kanaas haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee oleefi boqonnaa gara boqonnaa ija ogbarruun ilaaluu irratti kan bu'uureffatedha. Haata'u malee qophiilee kitaabilee kanaaf sirni barnootaafi meshaaleen sirna barnootaa kanneen akka 'felow chart"fi silabasii bu'uura waan ta'aniif hamma tokko kaasuun barbaachisaadha.

Kaayyoo barnootaa kan galmaan ga'uun danda'amu yoo sirni barnootaa sirriitti ykn mijataa ta'ee qophaa'edha. Adeemsa baruufi barsiisuu karoorsuu hanga hojiitti hiikuutti qabixiilee hedduu ofkeessaa qaba. Xiinxala haalaa, bu'aalee barnoota karoorsuu, kitaaba ittiin baratan qindeessuu, meeshaalee deegarsa barnootaa qopheessuu haala itti barsiifamu bu'aa qabeessa

taasisuufi gamaagama kan ofkeessatti qabatudha. Kunneen hundis walitti hidhatinsa qabu (Richards, 2001).

Qabiyyeewwan barnootaaf dhiyaatan akkaataa barbaadamuun qindeessanii dhiyeessuuf walitti fufinsii, dagaaginnifi walitti hidhatinsi safartuu isaan hangafaati(Tasfaayee,1981). Haaluma kanaan, qindoominni qabiyyee kitaaba barnootaa keessaatti gama walittii fufinsaafi dagaagina oleefi boqonnaa boqonnaatti maal akka fakkaatu sakatta'uun barbaachisaadha. Barnoonni afaanii immoo qabiyyeewwan adda addaa kanneen akka: Ogummaawwan afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu), jechoota, caasluga, ogbarruu afaanii (afoolaa)fi ogbarruu barreeffamaa (walaloo, asoosamafi diraamaa) waliin qindeessuun kan sadarkaa dandeettii barattootaa bu'uureffatee dhiyaachuu qabu ta'uun beekamaadha. Kanaaf, kitaabileen barnoota A/Oromoo ku.11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaas}$ qabiyyeewwan kanneen keessaa gama ogbarruun walitti fufinsaafi dagaagina qabaachuu sakatta'uu irratti kan xiyyeeffatedha.

Walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee kitaaba barattoota Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 kallattii ogbarruun ilaaluu waan ta'eef, hamma tokko waa'ee ogbarruu ilaaluun barbaachisaadha. Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaati. Hawaasnni ogbarruu kanatti fayyadamuun Aadaa, Duudhaa, Falaasama, Amantii, Gaddaafi Gammachuu isaa ittiin ibsatudha. Dhalli namaa bu'aa ba'ii jireenya isaa keessatti isa mudatuufi taateewwan jiruufi jireenyaa akkasumas dabareewwan seenaa isaa dhaloota irraa gara dhalootatti kan ittiin lufsiifatudha. Kanaaf, hawaasni ogbarruu akka galtee jireenya isaatti ilaaluun kan itti fayyadamudha jechuu ni dandeenya. Yaada kana deeggaruun (Rabbirraa, 2008:134) yommuu ibsu, "Ogbarruun ogommaafi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyasaa, akkasumas dhaga'iitii keessoo isaa gaddaafi gammachuu qabu kan ittiin ibsatudha" jechuun ibsa.

Ogbarruun kunis bakka gurguddaa lamatti qoodamuun ilaalama. Isaanis Ogbarruu afaanii yookiin Afoolaafi Ogbarruu barreeffamaati. Kan Afaan Ingiliziin "oral and written literature" jedhamudha. Ogbarruun afaaniis ta'e, Ogbarruun barreeffamaa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti gahee olaanaa qaba. Sababni isaas, hawaasni kamiyyuu akka aadaafi Afaan isaatti ogbarruuwwan kanaan walbarsiisa, walgorsa, walqeeqa, walgootomsa ykn walcimsa. Keesumaa ogbarruu afaanii ykn Afoolatti hawaasni baratees ta'e, hawaasni hinbaratiin hundi

waan dhimma itti bahaniif gahee inni hawaasa keessatti qabu daran olaanaadha. Haata'u malee, ogbarruun barreeffamaa hawaasa keessatti gahee hinqabu jechuu osoo hintaanee nama baratee dubbisuu danda'u qofatu dhimma itti baha jechuuda malee, ergaa ogbarruun afoolaa dabarsuu danda'u nidabarsa (Asafaa, 2009).

Ogbarruu Afoolaa kan jennu kalaqaalee sammuu dhala namaa keessatti kalaqamanii afaaniin himaman ykn dhiyaatanidha. Ogbarruun barreeffamaas kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, barreeffamaan kan dhiyaatudha. Akaakuwwan ogbarruu kunneen jiruufi jireenya dhala namaa keessatti gahee isaan qaban baay'ee olaanaadha.

Ogbarruun Oromoos, akkuma armaan oliitti kaafne gahee inni hawaasa oromoo keessatti qabu waan salphaa miti. Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsudha. Adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti dhalli namaa afaaniin ykn barreeffamaan gargaaramuun aadaa, amantaa haala siyaasaafi diinagdee isaa ittiin calaqisiisuufi muuxannoo qabu ittiin waliif dabarsudha. Kana malees, ogbarruun afaan barsiisuu keessatti keesumaa dandeettiwwan afaanii barsiisuu irratti bakka guddaa qaba.

Haaluma armaan oliitti ilaalleen ogbarruun hawaasa Oromoo biratti iddoo olaanaa qabaachuun isaa kan nama shakkisiisu miti. Waan kana ta'eefis idileedhaan kutaa barnootaa keessatti akka qabiyee tokkootti kitaabilee barnootaa keessatti sadarkaa tokkoffaadhaa hanga dhaabbilee barnoota olaanootti qindaa'uun kennama. Sadarkaa tokkoffaa irratti afaan ittiin barsiisuuf gahee guddaa kan qabu yommuu ta'u, sadarkaa lammaffaafi dhaabbilee barnoota olaanoo keessatti immoo dabalataan maalummaa, faayidaafi akaakuu isaaniin adda baasanii beekuun murteessaadha. Kanaafuu kutaawwan 11fi 12 irratti gulantaa barnoota olaanootti cehan waan ta'eef, kutaawwan kana keessatti waa'ee ogbarruu hubannoo gadi fagoofi bal'aa akkaataa argachuu qabaniin haalaan qindaa'ee qophaa'un barbaachisaadha. Qabiyyeen barnootaa yommuu qophaa'u bifa hawwatafi mijataa ta'een barattootaaf haala salphaan akka ifa ta'uun qophaa'uu qaba. Haala qophii ykn qindoomina qabiyyee kana irratti shoora olaanaa kan taphatu qophii sirna barnootaafi meeshaalee sirna barnootaati.

Kaayyoon waraqaa qorannoo kanaas qabiyyeewwan barnoota afaanii keessaa haala dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu kitaabilee barnootaa kutaa 11$^{ffaa}$fi kutaa 12$^{ffaa}$ keessatti

qophaa'an sakatta'uu ta'a. Kallattiin sakatta'insa isaas, kitaaba barattootaa barnoota A/O kutaa 11$^{ffaa}$fi kutaa 12$^{ffaa}$ keessatti boqonnaafi boqonnaa gidduutti walitti fufinsi ija ogbarruun jiraachuufi kutaa 11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ gidduutti immoo walitti fufinsi olee jiraachuu isaa adda baasuufi dagaagina isaa eegee qophaa'uu isaa sakatta'uudha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuuf wanti qorataa kana kakaase yeroo dheeraaf Afaan Oromoo barsiisaa kan ture yommuu ta'u, turtii isaa kana keessatti waa'ee dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu kutaa 11fi 12 irratti komiin barsiisotaafi barattoota biraa darbee darbee ka'uunsaa, rakkoo xiyyeeffannoo qoratichaa harkisu ta'ee mul'ateera. Qoratichis dhimma kana irraa ka'uun maddi rakkinichaa tarii hanqina walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu ta'aa laata? Shakkii jedhu keessatti uumuun isaa mata duree kana akka qoratuuf kaka'umsa itti horeera.

Karaa biraa qorannoon kun sakatta'insa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee oleefi boqonnaa boqonnaatti ija ogbarruun kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11fi 12 irratti kan xiyyeeffatedha. Walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee barnoota afaan Oromoo kutaa kana lamaanirratti beektota adda addaan qorannoon gaggeeffameera. Qorattoonni kunis, qorannoo isaanii yommuu gaggeessan qabiyyeewwan adda addaarratti xiyyeeffataniiti. Harki caalaan isaanis qabiyyeewwan caaslugafi dandeettiwwan afaanii arfan irratti xiyyeeffachuuni. Haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruurratti kallattiidhaan kan sakatta'e hinjiru. Kun immoo gama walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbarruun kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ irratti akka ilaaluuf isa kakaaseera.

Dabalataanis ergan barnoota ykn koorsii waa'ee qophii sirna barnootaa(curriculum) jedhu baradhee hubannoo gadi fagoofi bal'aa argachuun isaa kitaaba kana akkaan sakatta'uuf isa kakaaseera. Fkn. akkaataa qophii meshaalee barnootaafi haala qinda'ina qabiyyee barnootaa hubadheen jira. Kun immoo haala qophii kitaaba barnoota Afaan oromoo kutaa 11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ irratti akkaataa dhiyyaannaa qabiyyee kutaa kana lamaanii kallattii walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu oleefi boqonnaa gara boqonaa (vertical and with in unit continuity and sequence) isaa irratti xiyyeeffachuun akkan sakatta'uuf isa kakaaseera.

Ka'umsi qorannoo kanaas haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbaruun kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11fi 12 qorachuudhaan gaaffilee asiin gadiif deebii barbaaduudha.

1. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^ffaa walitti fufinsaafi dagaaginni qabiyyee ogbarruu boqoqnnaa gara boqonnaatti maal fakkaata?
2. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 12^ffaa gama qabiyyee ogbarruun walitti fufinsaafi dagaagina isaa eegee qophaa'unsaa akkamidha?
3. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11^ffaa fi 12^ffaa gidduu walitti fufinsiifi dagaaginni olee ija qabiyyee ogbarruun maal fakkaata?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannicha

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa kitaabni barattoota A/O kutaalee 11^ffaa fi 12^ffaa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu oleefi boqonnaa gara boqonnaa (vertical and with in unit) qabaachuu isaa sakatta'uudha.

#### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree isaa immoo

- Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 11 walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu boqonnaa gara boqonnaa qabaachuu isaa adda baasuun ibsuu.
- Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 12 walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu boqonnaa gara boqonnaa qabaachuu isaa adda baasuun ibsuu.
- Kitaaba barnoota A/O kutaalee 11fi 12 gidduu walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee ogbarruu olee (vertical) jiraachuu isaa adda baasuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaan walitti fufinsaaafi dagaagina qabiyyee kitaaba barattootaa amma tokko dubbisaan ykn qaamni kitaabilee kanatti dhimma bahu akka hubatu taasisuu nidanda'a. Qorannoon kunis, barbaachisummaa dhihaannaa qabiyyeewwan ogbarruu bifa walitti fufinsaafi dagaagina isaatiin barnoonni kitaaba A/O kutaa 11ffaa fi12ffaa irraatti qophaa'aniif ka'umsa ta'a.

Karaa biroo immoo waraqaa qorannoo kana irraa dhimmamttoonni armaan gadii fayyadamoo ta'uu danda'u.

Isaanis:

- Barattoonniifi barsiisonni kitaabilee kanneenitti fayyadaman bu'uura qorannoo kanaan kitaabileen kunniin yoo fooyya'anii hojiirra oolan waa'ee og-barruu addaan baasuun hubachuuf isaan gargaara.
- Qopheessitoonni kitaabilee barnootaa A/O kutaa 11fi 12fi kanneen biroo yoo qoranoon kun isaan bira gahe qophiilee qabiyyee kitaaba keessatti qophaa'uuf kallattii kennuu danda'a.
- Namoota dhimmaa haala dhiyaannaa ykn qophii qabiyee kiitaaba barnootaa irratti qorannoo bal'aa gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu nidanda'a.
- Hayyoota afaanii kitaabilee adda addaa qopheessaniif akka fulchaatti (as clues) isaan gargaaruu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun sakatta'a walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbarruun kitaaba barnoota Afaan Oromoo naannoo Oromiyaatti kutaa 11fi 12 bara 2005 qophaa'e irratti kan xiyyeffatudha. Haata'u malee, akka Tasfaayeen (1981) jedhutti qabiyyeen barnootaa mala quubsaa ta'een dhiyaachuuf waantota gurguddaa sadii guuttachuu qaba. Isaanis walitti fufinsa, dagaaginaafi walitti hidhannaa qabiyyeewwaniidha. Akkuma beekamu walitti fufinsa (continuity) jechuun qabiyyeen kennamu tokko osoo walirraa addaan hincitiin boqonnaadhaa gara boqonnaatti yookiin immoo waggaadhaan kutaadhaa gara kutaatti isa duraan baratan bu'uureffachuun haala walitti fufinsa qabuun qabiyyeewwan dhiyaatanidha. Walitti fufinsi qabiyyee boqonnadhaa gara boqonnaatti mul'atu walitti fufinsa boqonnaa boqonnattii (within

unit continuity) yommuu jedhamu walitti fufinsi qabiyyee kutaadhaa gara kutaatti jiru immoo walitti fufinsa olee (vertical continuity ) kan jedhamudha.

Walitti fufinsi jira taanaan dagaagina (development or sequence) isaa eeggatee dhiyaachuun dirqama. Kana jechuun qabiyyeen dhiyaatu tokko isa duraan baratan irra deebiin kan dhiyaatu osoo hintaanee isa dura baratan bu'uureffachuun qabiyyee sana irratti yaada dabalataa ykn haaraa dabaluun dagaagina isaa eegee dhiyaachuun adeemsa baruufi barsiisuu keessatti murteessaadha.

Walitti hidhatinsa qabiyyee (content integration) jechuun immoo kutaa tokko keessatti gosa barnootaa adda addaan walitti dhufeenya ykn walitti hidhatinsa qabiyyee kan agarsiisudha. Garuu dhimmoonni kun sadan bal'ina waan qabaniif qorannoo kana keessatti sadan isaanii ilaaluun hanqina yeroo fi baajetaa irraa kan ka'e hindanda'amu. Kanaaf, qoratichi dhimmoota sadan kana keessaa kallattii walitti fufinsaafi dagaaginaan ilaaluuf daangeffateera.

Haalli qophii qabiyee kitaaba barattootaa A/O kutaa 11fi 12 qofa irratti kan barbaachisu osoo hintaanee, haala qophii kitaabilee barnootaa kam keessattiyyuu barbaachisaadha. Osoo danda'amee kutaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti walitti fufinsiifi dagaagni qabiyyee ogbarruu maal akka fakkaatu osoo ilaalame baay'ee gaarii ture. Haata'uyyuu malee, kana hunda irratti qorannoo tokkoon gaggeesuun waan danda'amu miti. Sababni isaas, kana hundarraatti qorannoo kanaan adeemsisuun yeroo bala'aafi baasii guddaa gaafata. Kana malees, haala qophii kitaabilee barnootaa kutaa 11$^{ffaa}$fi12$^{ffaa}$ kana keessatti qabiyyeewwan hundaa tokko tokkoon ilaaluun waan danda'amu miti. Waan kana ta'eef, akka waliigalaatti kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 11fi12 qabiyyeewwan gurguddoo ykn bu'uura ta'an kanneen akka:

- Dandeettiwwan afaanii arfan:- dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu
- Jechoota
- Caasluga ykn seerluga afaanii
- Ogbarruu: ogbarruu barreeffamaafi og-afaanii jedhamanii kitaaba barnootaa Afaanii kutaa 11fi 12 keessatti qindaa'anii dhiyaatan keessaa Ogbarruu (og-afaaniifi ogbarruu barreeffamaa ) irratti dangessuun xinxaluun dirqama ta'eera.

Kanaafuu qorataan kun qorannoo isaa milkeessuuf, mata duree sakatta'a walitti fufinsaafi dagaagina qabiyee oleefi boqonnaa boqonnaatti (vertical and with in unit ) kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ irratti xiyyeeffachuun sakatta'uuf murteesseera. Kutaalee lamaan kana keessaatti qabiyyeen dhiyaate kun walitti fufinsa qabamoo hinqabu? Qabiyyeen kun walitti fufinsa qaba yoo ta'e immoo dagaagina hoo qaba? Moo isuma duraatu irra deddeebiin dhiyatee? kan jedhu irratti xiyyeeffachuun adda baasuuf qorannoo adeemsifamedha.

Qorannoon kun naannawaa magaala Finfinnee Bulchiinsa addaa Magaalaa Buraayyuutti mana barumsaa Qophaa'ina Magaala Buraayyuu iraatti kan daanga'edha. Sababni isaas qorataan hojii idileesaatiin naannoo kanatti hojjechaa waan jiruuf qorannoosaa fiixaan baasuuf yeroofi haala mijaawaa uumeefii jira waan ta'eefidha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti wantoonni adda addaa akka hanqinaatti mul'atan nijiru. Akkummaa armaan oliittii qorataan kun kaasuuf yaale kitaabilee barattootaa kutaa kana lamaan keessaatti qabiyyeewwan bu'uura ta'an: dandeettiiwwan afaanii arfan, jechoota, seerluga afaaniifi ogbarruuwwan yommuu ta'an qorataan kun hanqina yeroofi baajetaa irraan kan ka'e qabiyyeewwan jiran keessaa ogbarruu qofarratti xiyyeefachuun isaa hanqina ijoodha.

Kana malees, qorannoon dhimma kanaan walqabatee afaan Oromoon gaggeeffame baay'ee muraasa ta'uun akka hanqinaatti qoraticha mudateera. Garuu qorataan kun hanqinoolee kanaan osoo hindangeffamiin kitaabilee adda addaa dubbisuun qorannoo kana gaggeessee jira. Inni biraan immoo qaamota odeeffannoo kennaan yeroo barbaadamanitti argachuufi odeeffannoo barbaadamu akkaataa barbaadameen argachuu dabuun rakkoo biraa ture. Haata'u malee, odeefkennitootaaf haala mijeessuun ragaa qorannicaaf barbaadame funaanuun qorannicha galmaan gaheera.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Sakatta'a barruu jechuun barruulee qorannoo qoratamu tokko deeggaruu danda'an sakatta'anii dubbisuun karaa yaada qorannoo gaggeessan sana irratti kaasan deeggaranidha. Qoratichis mata duree kana jalatti waa'ee sirna barnootaa, silabasii, kitaaba barattootaa, qabiyyee barnootaa, haala qophaa'ina qabiyyee barnootaa, walitti fufinsa qabiyyee, dagaagina qabiyyee, walitti fufinsa dalgeefi walitti fufinsa boqonnaa gara boqonnaa og-barruuti maala akka fakkaatan kaa'ameera. Qabxiileen kunniin akkaataa og-barruun kitaabilee barnootaa kanneen keessatti dhiyaachuu qabaniif tumsa olaanaa kan taasisan yommuu ta'u, qorataan yaadrimeewwan mata-duree kanaan walqabatan barruu walfakkii jiran waliin walbira qabuun haala itti aanee jiruun waan sakatta'e akkaataa ittiin hubate waliin ibsuun qindeessee dhiyeesseera.

### 2.1.1. Sirna Barnootaa

Sirni barnootaa, kallatti adda addaatiin tajaajila kennuu isaa irraa kan ka'e, jecha yaada bal'aafi walxaxaa ta'edha. Akkasumas bakka tokko tokkotti akka waan dhimma tokko qo'atuutti tajaajila. Fkn. Akka sirna barnoota saayinsiiti ykn akka sirna barnoota herregaati jedha (Nuunaan, 1994).

Sirni barnootaa adeemsa guddina ijaarsa beekumsaafi muuxannoo kallattii barattoonni dandeettii isaanii fooyyeffataniifi yaadaafi gochaan karaa ittiin guddataa deemanidha; akkasumas, barnootaanis cimaa ta'anidha (Taba, 1962).

Dhaabata barnootaa kamiyyuu keessatti qabiyyeewwan barumsaaf oolan ykn kennaman bu'uureffachuun kaayyoowwan barbaadaman akka waliigalaatti galmaan ga'uuf caasseffaman keessatti qophiin sirna barnootaa iddoo olaanaa qaba. Caaseffamni qabiyyee kun immoo haala kayyoo barbaadame galmaan gahuu danda'uun ijaaramuu qaba.

Sirni barnootaa waliigalaa kan inni irratti hundaa'uun gaggeeffamu dhimmoota ijoo ta'an kanneen akka Kaayyoo, Qabiyyee, Qindoomina qabiyyeefi Madaaliidha. Warreen bu'uura ta'an kun akkuma jiranitti ta'ee, qopheessitoonni sirna barnootaa yeroo sirna barnootaa

qopheessan gaaffiiwwan qabiyyee akkamiitu qophaa'a? yeroo hammamiif qophaa'a? haala akkamiin qophaa'a? kan jedhuufi kanneen kana fakkaatan deebii quubsaa argachuu qabu.

Kanaaf, qabxiiwwan armaan oliitti tuqaman dursanii beekuun barbaachisaa ta'uun hubatamuu qaba. Kana malees, kanneen biroo kana fakkaatan deebii quubsaa argatanii sirni barnootaa yoo qophaa'e adeemsi barnootaa kan abdii qabu ta'a (Tasfaayee, 1981).

Nuunaan (1990) akka jettutti, sirni barnootaa akka waliigalatti duraa duuba koorsii /qabiyyee/ eegee dhiheessuun akka barataan kaayyoo murta'aa barnootichaa yookiin hojichaa galmaan gahatuuf kan gargaarudha. Sirni barnoota afaaniis, qaama dagaagina sagantaa barnootaafi qo'annoo sirna barnootaati. Sirni barnootaa kun immoo sadarkaa hundumatti waan hunda kan ofkeessatti qabatudha.

Yaada kana ilaalchisee Richards (2001:2) haala armaan gadiin kaa'a.

> *Language curriculum is an aspect of broader field of educational activities known as curriculum development or curriculum study. Curriculum development focuses on determining what knowledge, skills, and values students learn in schools. What experiences should be provided to bring about intended learning outcomes and how teaching and learning in schools or educational systems can be planned, measured and eualuated. Language carriculum development refers to the field of applied linguistics that addresses these issues.*

Akkuma ibsa hayyuu kana irraa hubatamutti sirnni barnootaa dirree bal'aa dagaaginaafi qo'annoon sirna barnootaa itti gaggeeffamu yoo ta'u, xiyyeeffannoo guddaan beekumsa, dandeettiifi sona barattoonni mana barumsaatti argatan muuxannoo qaban wajjin walsimsiisuun kan ittiin bu'aan barnootaa hubatamu, safaramu, madaalamufi gamaagamamu ta'uu yoo ibsu dhimmoota falmisiisaa ta'an immoo xinqooqa hujoodhaan kan furaman ta'uun ibsameera.

Yaaduma wal-fakkaatuun hayyuun Yalden (1987) sirna barnoota yommuu ibsu, sirni barnootaa yommuu qophaa'u kanneen akka: galma barnootaa, kaayyoowwan barnootaa, qabiyyeewwan barnootaa, leeccalloo barnootaafi sirna madaallii waliigalaa adeemsa baruu-barsiisuu kan ofkeessatti hammateefi barnoota muuxannoo barattootaa gidduu galeeffate

manneen barnootaa keessaafi alattis saganteeffamee barattootaaf laatamuuf kan qophaa'edha jedha.

Walumaagalatti sirni barnootaa sagantaa, kaayyoofi adeemsa mataa isaa kan qabuu, kan guddachaa adeemuufi sirnaawaa ta'uun qooda fudhattoota barnootaaf kallattii fooyya'insaa kan uumudha. Kana malees, guddinni biyya irratti raawwatu sirna barnootaa irratti dhiibbaa nigeessisa. Kun immoo fedhii hawaasa sanaa galmaan ga'uuf sirna barnootaa haala yeroo sanaa waliin deemun foyyessuu ykn ammayyeessuu gaafata.

### 2.1.2. Faayidaa Sirna Barnootaa

Faayidaan sirna barnootaa kallattii adda addan ilaalama. Faayidaa kunis, akka addunyaatti, akka biyyaatti, akka hawaasaatti, akka barsiisaattifi akka barattootaatti jedhamee qoqqoodamee ilaalamuu danda'a. Haata'u malee, tokko tokkoo isaarratti ibsa bal'aa laachuun haala yeroon ulfaataa ta'uyyuu kan mata-duree qorannoo kana waliin walqabatan faayidaa sirni barnootaa gama barsiisaafi barattootaan jiru tuqamuf yalameera. Kayyoo barnootaa kan galmaan ga'uun danda'amu yoo sirni barnootaa sirriitti ykn mijataa ta'ee qophaa'edha. Adeemsa baruufi barsiisuu karoorsuu hanga hojiitti hiikuutti qabixiilee hedduu ofkeessaa qaba. Xiinxala haalaa, bu'aalee barnoota karoorsuu, kitaaba ittiin baratan qindeessuu, meeshaalee barnootaa qopheessuu haala itti barsiifamu bu'aa qabeessa taasisuufi gamaagama kan ofkeessatti qabatudha. Kunneen hundis walitti hidhatinsa qabu (Richards, 2001).

Karaa biroo, Bilbaofi kanneen biroo (2008) sirni barnootaa lafee dugdaa dhabbilee barnootaafi meeshaa adeemsa jijjiiramaati. Kunis, kanneen akka mana barnootaa ykn dhaabbilee barnootaa gurguddoo (yunivarsiitii) sirna barnootaan alatti jirachuu kan hindandeenye waan taa'efi. Kana malees, sirni barnootaa ida'ama muuxannoo barnoota dhuuufaa kan mana barumsaa qofa osoo hintaanee kan hawaasaatis.

Karaa biraa Hariiroo afaan barsiisuutiin sirna barnootaa keessatti wantoonni akka furtuutti ilaalaman: jalqabarratti fedhii adda baasuun karoorsuu, barattoota gurmeessuu, galmaafi kaayyoo adda baasuu, qabiyyee filachuufi tartiibessuu, adeemsa baruu-barsiisuu (meeshaaleefi gochaalee barsiisuu)fi qoruufi madaaluudha (Nuunaan 1998:14).

Akkasumas Sirni barnootaa waliigalaa kan inni irratti hundaa’uun gaggeeffamu dhimmoota ijoo ta’an kanneen akka Kaayyoo, Qabiyyee, Qindoomina qabiyyeefi Madaaliidha. Warreen bu’uura ta’an kun akkuma jiranitti ta’ee, qopheessitoonni sirna barnootaa, yeroo sirna barnootaa qopheessan gaaffiiwwan armaan gadii deebii quubsaa argachuu qabu.

- **Qabiyyeen afaanii nuti barsiisuuf deemnu maali?** Sirni barnootaa tokko yommuu qophaa’u dursa sirni barnooticha dhimma maaliif akka qophaa’u beekuudha.
- **Maliif barsiisna?** Dhimmi sirni barnootaa sun qophaa’uuf erga beekame immoo afaan sana maalii barsiifnaa kan jedhu deebii argachuu qaba.
- **Yeroo hammamiif barsiifna?** Kaayyoofi maalummaa qabiyyee barsiifamuu erga addaan baafnee beeknee booda afaan sana yeroo hammamiif akka barsiifnu, waggaa tokkoofi? Waggaa shaniifi? Waggaa hudhaniif moo Waggaa kudhanii oliifi? kan jedhu yoo ta’u hangi yeroo kennamuus kaayyoo barnoota afaanichaa irratti hundaa’eti.
- **Maal barsiifna?** Kun immoo tokko tokkoo qabiyyeewwanii kan ilaallatudha. Fakkeenyaaf afaan tokkoof sirni barnootaa waggaa kudhaniif yoo qophaa’ee qabiyyeewwan adda addaa waggaa sana hundaaf qopheessuudha.
- **Eenyuun barsiifna?** Qabiyyeewwan afaanii filaman maalummaa qaama hordofuu sirriitti beekuun qophii sirna barnootaaf shoora guddaa taphata. Kana jechuun barattoonni sun seenduubeen isaanii: umriidhaan, dandeettiidhaan, aadadhaanfi kkf ilaalamuu qabu jechuudha.
- **Eenyutu barsiisa?** kun immoo sadarkaa barsiisotaan kan walqabatudha.
- **Maaliin barsiifna?** Adeemsa baruufi barsiisuu dhimmoota deeggaran keessaa inni meesahaalee barnootaa kan ta’e kitaabadha. Afaan barnootaaf dhiyaate barsiisuuf kan oolu kitaabni sadarkaa isaa eegee yoo qophaa’e hojii barsiisaa kan cimsu ta’a. Kanaaf, qabxiiwwan armaan oliitti tuqaman dursanii beekuun barbaachisaa ta’uun hubatamuu qaba. Kana malees, kanneen biroo kana fakkaatan deebii quubsaa argatanii sirna barnootaa yoo qophaa’e adeemsi barnootaa kan abdii qabu ta’a (Tasfaayee, 1981).

Yaaduma armaan oliirraa akka hubatamutti kaayyoon barnootaa haala barbaadameen galma kan gahuu danda’u sirni barnoota karoorsuu irraa kaasee hanga hojiitti hiikuutti mijataa ta’ee

yoo qophaa’edha. Sirni barnootaa adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa hunda waliin kan walqabatudha. Sababni hawaasaa hundaan walqabateef, dhaabbilee barnoota qofaan kan daangessinu osoo hintaanee muuxannoo hawaasaallee kan dabalatudha. Sirni barnootaa akkuma dhaabbilee barnootaaf lafee dugdaa ta’e, muuxannoon hawaasaa immoo jiraachuu sirna barnootaaf utubaadha jechuudha. Kana kan jechisiisu immoo, sirni barnootaa dinagdeefi siyaasaa biyya tokkoo foyyeessuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf hunda galeessummaa qaba. Kanaaf, rakkoo addunyaa kana quunnamu hundaaf akkaataa barbaachisummaa isaatti fala kan uumu ta’uu isaati. Sababni isaas barnoonni guddina biyya tokkoof kallattii kamiinuu murteessaa waanta’eefi.

### 2.1.3. Meeshaalee Sirna Barnootaa

Meeshaalee sirna barnootaa kanneen jedhaman adeemsa baruufi barsiisuu fiixaan baasuu keessatti kanneen iddoo olaanaa qabanidha. Isaanis adeemsa baruufi barsiisuu galmaan gahuuf warra dhimmamtoota kanneen akka barsiisotaa, Barattootaafi ogeeyyiiwwan barnootaa kan ta’an hundaaf kanneen barbaachisanidha. Dhaabbanni NEK International Consultancy (1999:39) yoo ibsu, “Many educators believe that the curriculum is the means through which education is transacted. And in order to do this there is a need for some curriculum materials through which the curriculum transmits its massage, convey its meanings and values.”

Meeshaaleen sirna barnootaa, barnoota sadarkaa kamiyyuu irratti kennamu haala ittiin odeeffannoon barnootaa tooraan qindaa’uun akkataa barattoonni haala salphaan hubachuu danda’aniin akka bira gahuu bu’aa qabaatu kan taasisudha (Heinich, 1993).

Qophii meeshaalee barnootaaf ofeeggannoon gahaa ta’e godhameefii yoo qophaa’an adeemsa baruufi barsiisuu keessatti faayidaa hedduu qabu. Isaan keessaas warreen ijoo ta’a: barsiisaan haala gaarii ta’een akka barsiisuuf, duraaduubni qabiyyee murtaa’uun akka dhiyaatuuf, baakka irraa ka’uufi gahuu qabu agarsiisuufi maaltu akka godhamuu agarsiisuun barsiisota gargaara (Tasfaayee, 1981).

Gosootaa meeshaalee sina barnootaa kaanneen jedhaman: ‘fellow chart’, silabasii, kitaaba barattooaa, qajeelcha barsiisaafi meeshaalee deeggarsaa kanneen jedhamanidha. Gaaddisaa (2008/2016) akka ibsutti, ‘’qophiin meeshaalee barnootaa ilaalchisee, meeshaaleen barnootaa kanneen akka fellow chart, silabasii, kitaaba barattootaa, qajeelcha barsiisaafi meeshaalee deeggarsaa sadarkaa isaa eeggatee yoo qophaa’u sirna barnootaa biyyittirratti hundaa’ee yoo ta’u, sirni barnootaa kun immoo kaayyoofi mul’ata imaammata barnootaafi leenjii biyya keenyaa kan bara 1994(1987) bu’uura godhachuun kan qophaa’e ta’uutu hubatama.

### 2.1.3.1. ‘Felow Chart’

Maalummaa filoochaartii ilaalchisee marsariitiin https://www.smartdraw.com/flowchart/ akkas jechuun ibsa. “A flowchart is a visual representation of the sequence of steps and decisions needed to perform a process. Each step in sequence is noted with in diagram shape. Steps are linked by connecting lines and directional arrows. This allows anyone to view the flowchart and logically flow the process from beginning to end.” Kana irraa akka hubatamutti, filoochaartiin sadarkaafi murtoo adeemsa raawwii duraaduuba tokkoo kan bakka bu’udha. Sadarkaawwan kunis sararaafi kallattii kan walqabsiisu yoo ta’u, kun immoo yaa’insa kamiiyyuu tokko tokkoon akka agarsiifamuufi adeemsa sana jalqabaa hanga dhumaa sirriitti akka walsimataa deemu taasisa jechuudha.

Yaaduma armaan olii bu’uureffachuun akka qabiyyee barnootaattis yoo ilaalle, ‘Felow chart’ kan jedhamu sirna barnootaa bu’uureffachuun kan qophaa’u ta’ee, barannoo ykn qabiyyee kennamu irratti kan xiyyeeffatudha. ‘Felow chartiin’ kun sirna barnootaa bu’uureffachuun qabiyyeen qophaa’u walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee sanaaf isa murteessaafi bu’uura ta’edha. Sababni isaas qabiyyeen qophaa’u yommuu qophaa’u boqonnaafi boqonnaa gidduutti akkasumas dareefi daree gidduutti irra deddeebbiin akkaataa ciccitinsa yaadaa hinqabannettiifi bifa dagaagina qabuun gulantaa gulantaan akka qophaa’uuf kan gargaarudha. Kun immoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqoqnnaa gara boqonnaafi olee eegsisuurratti shoora guddaa taphata.

Yaaduma kana fakkaatuu toora marsariittii https://www.edrawsoft.com › use-flo… irraa argame “Flowcharts can demonstrate things step by step visually, including lines and many vivid pictures showing flows and relations clearly. They can boost students’ interests much

better than text only.” Kana jechuun, toorrii yaa’insa gabatee dhangala’insaafi toora walqabatinsaa qabuun qabiyyeewwaniifi fakkiiwwan sadarkaa sadarkaadhaan agarsiisuun fedhii barattootaa guddisuuf kan barreeffamarraa fooyya’aa ta’uu agarsiisa.

Barbaachisummaan isaas:

- Qabiyuyeen barnoota tokkoo dura maaltu baratame, itti aansuun immoo maaltu baratamuu qaba?
- ulfaatinni isaa hoo daree sana gitaamoo hingitu? Kanneen jedhaman addaan baasuun silabasiifi kitaaba barnootaa kutaa barbaadame sana waliin madaalawaa ta’e qopheessuuf kan gargaarudha.

**2.1.3.2. Silabasii**

Silabasiin sirna barnootaa waliin walhaafakkatuyyuu malee, sirni barnootaa dimshaashummaan kan qophaa’u yommuu ta’u, silabasiin immoo ‘felow chart’ bu’uureffachuun gosa barnootaafi dareedhaan kan murtaa’ee qophaa’udha. Afaan barsiisuu keessatti saxaxni silabasii qabiyyee filachuufi qabiyyee filame sana qindeessuun waan beekamuuf, qabiyyee filachuufi tartiibessuu irratti xiyyeeffata (Taba 1962:12).

Silabasiin meeshaalee sirna barnootaa keessaa isa tokko ta’ee, adeemsa haala dhiyeenya qabiyyee gosa barnoota tokkoo kan agarsiisudha. Silabasiin sirna barnootaa bu’uureffatee kan qophaa’u ta’ee, qabiyyeen sun yeroo hangamii akka fudhatuufi haala yookiin adeemsa baruu-barsiisuu kamiin yoo dhiyaate bu’aa barbaadame argamsiisuu akka danda’u kan barsiisotaaf kallattii kennudha. Kunis, kaayyoon qabiyyeewwanii qabatamaan haala madaalamuu danda’uun yeroodhaan ykn wayitiidhaan caccabee kan dhiyaatudha. Sirni barnootaa kan waliigala barnootaa ilaallatu yommuu ta’u, silabasiin garuu gosa barnootaafi kutaadhaan kan murtaa’edha. Silabasiin sagantaa afaan barsiisuu keessatti maaltu akka baratamuufi duraaduuba ittiin qabiyyeen sun baratamu adda baasun ibsa (Nuunaan, 1988).

Akka toora marasariitii ( https://repository. nwu.ac.za › handle › D… ) irraa dubbifametti, “The syllabus is an integral part of the curriculum process and is invariably influenced by developments in curriculum design.” Jedha. Yaadni toora marsariitii kanaa, Silabasiin qaama

barbaachisaa adeemsa sirna barnootaafi jijijjiirama saxaxa sirna barnootaatiin jijjiiramuu kan danda'udha, jedha.

Akka Gaaddisaa (2008/2016:13) "silabasiin yeroo boqonaaleedhaaf kenname, mala ittiin barsiifamu lafa kaa'uudhaan, Eenyuun akka raawwatamu ibsuun, dhuma barnootichaatti barattoonni waan hubatan ibsuun, bakkaafi qabiyyee barnootichaa kaa'uun deebii barbaachisaa laata jechuudha," jedha. Haaluma armaan oliitti ibsamuuf yaalameen, silabasiin sirna barnootaa bu'uureffachuun kan qophaa'u ta'ee tajaajila garaagaraa kan qabudha. Waan barattoonni barataniifi barsiisaan barsiisu adda baasuun yeroodhaan qoqqoodee kan kaa'udha. Kana jechuunis, qabiyyeen kenname tokko yeroo hangamii akka barbaaduufi kaayyoon dhuma qabiyyee sanaarratti eegamu yookiin bira gahuun barbaadamu ifa gochuun kan barsiisuuf gosa barnootaan adda baasee kaa'uuf gargaarudha. Dabalataanis, qabiyyeen barnootaa duraafi duuba isaa eegee akkaataa itti kennamuufi mala baruu-barsiisuu kamiin yoo kenname bu'aa qabeessa akka ta'u adda baasuun kaa'a.

### 2.1.3.3. Qajeelcha Barsiisaa

Qajeelchi barsiisaa meeshaalee sirna barnootaa keessaa isa tokkodha. A deemsa baruufi barsiisuu silabasii keessatti qophaa'e galmaan ga'uuf shoora olaana taphata. Kanneen akka kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuu irratti odeeffaannoo ga'aafi barbaachisaa ta'e kennuun galma ga'insa kaayyoo barnootaaf tumsa godha. Qajeelchi barsiisotaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa (2005: i)fi kutaa 12ffaa (2005:i) irratti yaaduma kana yoo ibsu, "Qajeelchi barsiisaa kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuurratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisa ta'an dhiyeessuun kitaaba barataatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan tokkootti barsiisuuf haala mijeesssa. … gilgaalaafi shaakala garaagaraa dhiyeessuufi meeshaalee deeggarsaa eeruun kaayyoo barumsichaa galmaan ga'uurratti hojii barsiisaaf tumsa" jedha.

Karaa biraa, Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015) qajeelcha barsiisaa barnoota afaan Oromoo kutaa kutaadhaan wantoota keessatti hammataman kaa'anii jiru:

i. *Dhimma kitaabichaafi qajeelcha sana keessatti dhiyaatan akka ka'umsaatti nidhiyeessu.*
ii. *Kaayyoo kitaabichaa akka waliigalatti ni ibsu.*
iii. *Cuunfaa barreeffamootaa boqonnaa boqonnaa jalatti argamanii hhaluma kitaabarra jiraniin nikaa'u.*
iv. *Tooftaa barsiisaan qabiyyee kitaaba irratti dhiyaatanii fayyadamee ittiin dhiyeessu gabaabsee dhiyeessa.*
v. *Deebii gilgaalota kutaa keessatti dhiyaatanii bal'inaan ibsee dhiyeessa; kanneen barattoota adda addaa biratti garaagara ta'uu malanis adda addummaa qabaachuu isaanii beekee barsiisaan akka hordofuu qabu xurree itti mul'isa.*
vi. *Dogoggoroota kitaaba barataa irratti mul'atan iddoo isaan itti argaman sirritti eeruudhaan isa fooyya'e dhiyeessa.*
vii. *Qabxiilee barsiisaan itti dabalee akka barsiisu barbaachisan banaa gochuudhaan barsiisaan kallattii itti dabaluu danda'u xurree agarsiisa.*

Haaluma yaada armaan olii irraa hubatamuun qajeelchi barsiisaa adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gaheen inni qabu salphaa akka hintaaneefi galma barnootaa barbaadame galmaan gahuu keessatti shoora inni taphatu guddaa ta'uu hubachuun nidanda'ama.

#### 2.1.3.4. Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

Meeshaaleen deeggarsa barnootaa qabiyyee barsiifamu qabatamaa/ haala salphaan akka hubatamu gochuudhaaf wantoota qabatamaa ta'an kan barattoonni jireenya isaanii keessaatti duraab beekaniin qabiyyee haaraa barataan sana haala salphaan akka barataniif kan gargaarudha. MDB kun bakka adda addaa sadiitti qoodama.

Isaanis, kanneen ijaan mul'atan, kanneen gurraan dhagahamaniifi kanneen ijaan mul'ataniifi gurraan dhagahamanidha. https://www.indiastudychannel.com/.../120148-Teaching-Ai

### 2.1.3.5. Kitaaba Barattoota

Kitaabni barnootaa meeshaalee sirnabarnootaa keessaa isa tokkodha. Kitaaba barnootaan ala silabasiin sirnaan caaseffamee yoo qophaa'eyyuu hiika hinqabu, ykn waan silabasiin dagaagfamee karoorfameef kaayyoon barbaadame sun barattoota bira hingahu.

Richards (2001:254 ) “Without textbooks a program may have no centeral core and learners may not recive a syllabus that has been systematically planned and developed,” jechuun ibsa. Kana jechuun gabaabumatti kitaaba barnootaan ala silabasiin hangam mijataa ta'ee qophaa'ullee waan barbaadame sana galmaan gahuun kan hindanda'amne ta'uu hubanna. Kitaabileen sagantaawwan afaanii barsiisuuf karaa adda addaatiin gargaara. Fakkeenyaaf: kitaabileen kun dubbisuuf, barreessuuf, dubbachuufi dhaggeeffachuu akkasumas seerlugafi ogbarruuwwan barsiisuuf kan gargaarudha.

Dabalataanis, hayyuun kun (2001:254)

> *Textbooks are used in different ways in language programs. Forexample a reading textbook might be the basis for a course on reading skills, providing both a set of reading texts and exercises for skills practice. A writing textbook might provide model compositions and a list of topics for students to write about. A grammar textbook might serve as a reference book and provide examples as well as exercses to develop grammatical knowledge. A speaking text might provide passages for student to read and discuss. A listening text together with audiocassettes or CDs might serve as the primary listening input in alistening course, jedha.*

Walumaagalatti, kaayyoo waliigala barnootaa dhumarratti barbaadamu galmaan gahuu keesstti gaheen kitaabileen qaban olaanaadha. Sababni isaas, waan baratoonni waggaa tokko keessatti baruu/beekuu qaban hunda hammatee, kaayyoo barbaadame galmaan ga'uuf gidduu barsiisaafi barattootaatti argamudha. Kitaabni barnootaa kun aantumaan barattootaaf haajedhamu malee, barsiisaafi barattoota kan gargaarudha. Kanaafuu, kitaabni barnootaa yommuu qphaa'u ofeeggannoo cimaan kan qophaa'uu qabudha. Wantoota ofeeggannoo barbaachisan keessaa qabiyyee kitaabni sun qabatee dhiyaachuu qabu sirriitti adda baasanii beekuun isa bu'uuraati. Kana keessatti kitaabni qophaa'u kutaa meeqaaf qophaa'a? Sadarkaan bartootaa akkami? Duubeen maatii barattoota kana akkami? Gaaffii jedhuufi kkf. xiyyeeffannoo keessa galchuun qophaa'uu qaba. Haata'u malee, qabiyyee kana filachuun

qofti gahaa miti. Duraa duubni qabiyyeen sun ittiin dhiyaatu beekunis murteessaadha. As keessattis, qabiyyeen filame kun akkaataa tartiiba hubannoo barattootaaf mijatuun walitti fufinsaafi dagaagina qabuun taa'u qaba. Hayyoonni Ebabu Tefera and Yohannes Tefera (2013:83) yaaduma kana deeggaruun "there is considerable research on the nature of language and language acquisition which can guide the choice of what to teach (content) and how to sequence it" jedhu. kunis, qabiyyee kam barsiisuu akka qabuufi akkamittiin duraa duuba isaa hordofee gaggeeffamuu akka danda'u qo'annoon afaan uumamaan argachuufi qorannoon afaanii jiraachuu isaati

Dabalataan Gaaddisaa ( 2008: 15fi 16) Donugh and Shaw (1993) wabeeffachuun

> *Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnootaa keessatti akkaataa meeshaaleen fi malleen qabiyyee barnootaa dhiyaatan ittiin galmaa'an gahan beekuunis barbaachisaadha. Qabiyyeen afaan tokko yommuu barnootaf wixineeffamu wantoonni xiyyeeffannoofi fuulleeffannoon irratti gadhamuu qabu baayyeedha. Kunis: sadarkaa barattoonni irra jiran, qabiyyeen barnootaa sadarkaa umrii barattootni irra jiran (umrii barattootaa) faanaa deemuufi kaayyoo barnooni baratamuuf beekuun barbaachisaadha,* jedha.

Haaluma yaada armaan olii irraa hubatamuun qabiyyeewwan yemmuu qophaa'an gaaffiiwwan: maal barsiifna? maaliif barsiifna? eenyuun barsiifnaa? akkamitti barsiifnaa fi kkf Kan jedhu dursee beekuun barbaachisaadha. Kana qofa osoo hintaanee dursa kan kenname kun immoo daree sadarkaan isaan ilaallatu yookiin kan keessa jiran kana keessaatti hangamitti yoo beekan gahaadha kan jedhus ilaalalcha keessaa galchuu qaba. Sababni issas, dareefi boqonnaa darbe keessatti qabiyyee maal baratani? daree itti aanu keessatti maal barachuu qabu? kan jedhu hubatamuun barbaachisaa waan ta'eefi. Kun hundi immoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee kitaabilee barnootaa keessatti dhiyaatuuf furtuudha. Kanaafuu, dursa barattoonni kun muuxannoo ykn beekumsa akkamii akka qabaniifi itti aansuun maal akka barachuu qabaniin qindaa'ee dhiyaachuu qaba jechuudha. Haala kanaan qabiyyeen kitaaba barnootaa keessatti qophaa'u, walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee eegee yoo qophaa'e haala barbaadameen kaayyoo barbaadame sana bira gahuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, kitaabni barattootaa qabiyyeewwan waliigalaa sirni barnootaa kaayyoo barbaadame galmaan ga'uuf qopheesse irratti bu'uureffachuun kan qophaa'udha. Kitaabni qophaa'u kun immoo sadarkaa ulfaatina isaa eegee kan qophaa'u ta'uu qaba. Sadarkaan

ulfaatina qabiyyee kanaas inni tokko qabiyyeewwan kitaabuma sana keessatti dhiyaatan irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, inni lammataa immoo ulfaatina qabiyyee kutaalee walduraa duuban argaman keessatti kan xiyyeeffatudha (Tasfaayee, 1981).

Yaaduma armaan oliitti ibsameeraa akkuma hubatamu qabiyyeen dhiyaatu kutaa tokko keessatti haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaa boqonnaatiin kan walqabatu yoo ta'u, kutaadhaa gara kutaatti immoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee olee waliin kan walqabatu ta'uu isaati. Kun immoo haala qophii kitaabilee keessatti dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadudha.

### 2.1.4. Qabiyyee Barnootaa

Qabiyeen adeemsa baruufi barsiisuu keessatti gosa barnootaa hundaan mata duree jiruufi jireenya dhala namaan walqabatan kanneen akka: ergaa, amantaa (beleifs), amalaa, yaadafi haqa jiru kallattii beekumsa, dandeettii, duudhaafi ilaalcha, yaadiddamootaa, seeraafi kkf akkaadamii murtaa'aa keessatti kanneen baratamuufi baruu barsiisuuf kan bu'uura ta'edha. Karaa biraa immoo qabiyyeen qaama beekumsaafi odeeffannoo gosa barnootaan barsiisaan barsiisuufi barattoonni baratan jedhamee kan eegamudha. https://www.edglossory. org› content.kn…

Kaayyoowwan barbaadamaniifi qabiyyeewwan kaayyoo kana galmaan gahan erga filamanii booda gaaffiin itti aanee dhiyaachuu danda'u, qabiyyeewwan kun akkamiin qindaa'uu qabu? kan jedhudha. Qabiyyeewwan barnootaa bu'aa barbaadamu akkaataa argamsiisuu danda'anii qindaa'uun dirqamadha. Qindoominni qabiyyee barnootaa kunis, haala yeroofi bakkaan ilaalamuu danda'a. Akkaataan walitti dhufeenya gosa lamaan kanaas, walitti dhufenya boqonnaa gara boqonnaafi kutaa gara kutaa yookiin oleedha (Tasfaayee, 1981).

Qabiyyeewwan barnootaaf oolan kutaa tokko keessattis ta'e, kutaawwan walitti aanan keessatti bifa walitti fufinsa qabaniin ijaaramuu qabu. Sababni isaas, barattoonni qabiyyee tokko irra deddeebiin ykn walitti fufinsaan yoo baratan wanticha gadi fageenyaan akka hubatan isaan taasisa. kanaaf, kitaaba barnootaa keessatti qabiyyeewwan qophaa'an bifa walitti fufinsa qabuun boqonnaadha gara boqonnaatti akkasumas, kutaadhaa gara kutaatti qindaa'uu qabu. Walitti fufinsa kana keessatti immoo dagaaginni (sequence) jiraachuun

murteessaadha. Sababni isaas, walitti fufinsa qabiyee qofaan gahaa miti. Kanaaf, walitti fufinsa kana waliin gabbinni/ dagaaginni  qabiyyeewwanii jiraachuun barbaachisaadha. Kunis sababa mataa isaa qaba. Walitti fufinsa qabiyyee sana keessa yaanni haaraa yookiin yaanni dabalataa hinjiru taanaan barattoonni wanta haaraa waan hinarganneef, barumsicha nuffuu, tuffachuufi jibbuu danda’u. Kanaaf kutaa tokko keessatti boqonnaadhaa gara boqonnaatti akkasumas, kutaadhaa gara kutaatti walitti fufinsaafi dagaaginni qabiyyeewwanii barbaachisaadha.

Akka kaayyoo waraqaa qorannoo kanaatti qabiyyeewwan barnootaa kitaabilee A/O kutaa 11fi 12 keessatti kennaman keessaa ogbarruu irratti kan xiyyeeffate waan ta’eef, dursinee waa’ee ogbarruu beekuun barbaachisaadha. Kanaaf, waa’een ogbarruu bifa gabaabaan armaan gadiitti dhiyaateerra.

**2.1.4.1. Ogbarruu**

Og-barruun qabiyyeewwan barnoota kitaabilee A/O keessatti qophaa’un kennaman keessaa isa tokko yoo ta’u, maalummaa isaa ilaalchisee kallattii adda addaan hiikni kan itti kenname ta’ullee akka afaan Oromootti hiikni mataa saa danda’e hayyoota adda addaan itti kennamuuf yaalameera. Asafaa(2009:17) maalummaa ogbarruu irratti: ogbarruun waa’ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsudha jedha.

Fedhasaan, 2017 (Asafaa,2009) wabeeffachuun, “Ogbarruun kalaqa sammuu ta’ee, jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis ta’e, barreeffamaan mi’eessee miidhagsee kan dabarsudha” jedha.

Ogbarruun adeemsa jiruufi jireenya hawaasa keesstti bakka olaanaa qaba. Sababni isaas, hawaasni bu’aa bahii jireeny isaa keessatti ogbarruutti dhimmi bahuun gammachuufi gadda isaa irratti mudannoofi muuxannoo qabu hunda akkasumas, beekumsaafi dandeettiifi taatee isaafi hawaasa irratti raawwate labataa labatatti karaa ittiin dabarsu waan ta’eef baay’ee barbaachisaa ta’uusati.

Tafariinis, yaaduma kana yoo ibsu,

> *Ogbarruun gumbii aadaa, afaan, eenyummaa,siyaasaafi diinagdee hawaasa tokkooti. Hawaasni ogbarruu hinqabne hawaasa hinjirredha. Kanaaf uummanni aadaa barreessuu qabu ogbarruu barreeffamaa yoo qabaatu, uummanni aadaa barreeffamaa hinqabne ogbarruu afoolaa qaba. Ogbarruun aadaa, seenaa, beekumsaa, amantii, falaasama, walumaagalatti ilaalchi addunyaa uummata tokkoo dhalaa dhalatti kan ittiin darbudha* (2005:179).

Yaaduma kanarraa akka hubatamuun dand'amutti, hawaasni oromoo afaaniinis ta'e, barreeffamaan ogbarruutti fayyadamuu jiruufi jireeny isaa keessatti dhimma bahaa. Sababni isaas, uummanni Oromoo adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti osoo hinbarreessiin afaaniin ogbarruu kanatti fayyadamuun dhimma bahaa ture. Har'as kalaqa samuu afaaniifi barreeffamaan dhimma itti bahaa jira. Kanaafuu, akka hawaasa Oromootti ogbarruun kalaqaalee afaaniifi barreeffamaa kan jedhuun beekama jechuudha.

### 2.1.4.2. Gosoota Ogbarruu

Ogbarruun akkaataa ittiin dhiyaatee daddarbu irattti hundaa'uun bakka gurgudaa lamatti qoodama. Isaanis:

- Ogbarruu Afoolaafi
- Og-barruu Barreeffamaati

Afoolli kalaqa dhala namaa ta'ee, afaanii dhalootaa dhalootatti kan daddarbu yoo ta'u, inni lammaffaa ogbarruun barreeffamaas kan sammuu namaan kalaqamu ta'ee garuu, dhalootaa dhalootatti afaaniin osoo hintaanee barreeffammaan kan daddarbudha. Haata'u malee, harki caalaan ogbaruu oromoo kan afaaniin daddarbu ykn Afooladha. Kanaaf, haasaa irrattis ta'e, barnoota keessatti irra caalaan ogbarruu Afoolatu dhiyaata. Ogbarruun afoolaas gosoota adda addaa ofjalaa qaba.

Isaanis kanneen akka

| | | |
|---|---|---|
| Oduu durii, | Geerarsa | Mammaaksa |
| Raagamtaa, | Weedduu | Hibboo |
| Sheekkoo, | Sirba | Jechama |
| Himamsa gootaa, | Faaruu | Arrab-qareeyyiifi kkf |
| Himamsa ijoollee, | Eebba/Abaarsa | |
| Baacoo | Gungummii | |
| | Tabaallii | |

yoo ta'an isaan illee mataan isaanii gosa adda addaatti qoqqoodamuun ilaalamuu danda'u. Fakkeenyaaf, sirba jaalalaa, sirba aadaa ykn sirba gaa'ilaa jennee haala adda addaatti qoonnee ilaaluu dandeenya. kaawwanis akkasuma.

Ogbarruun barreeffamaa akkuma armaan oliitti kaasne waraqaa irratti barreeffamuun dhalootaaf kan daddarbu yoo ta'u, akaakuwwaan kanneen akka

- Walaloo,
- Asoosamafi
- Diraamaa kan ofjalatti hammatudha (Fedhasaa, 2017).

Walumaagalatti Ogbarruun Afoolaas ta.e, Ogbarruun barreeffamaa hundi adeemsa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti bakka olaanaa qabu waan ta'eef, haala barattoonni hubachuu danda'aniin sirna barnootaafi kitaabilee barnootaa keessatti bocamee ykn qindaa'ee dhiyaachuu qaba.

Fedhasaa (2017:30) Okpewho, (1992) wabeeffachuun yaada kana yoo cimsu, "…afoolli: aadaa,duudhaa, seenaa, falaasamafi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo itichee/gabbisee dhalootaaf dabarsa." jedha.

### 2.1.5. Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee

#### 2.1.5.1. Maalummaa Walitti Fufinsa Qabiyyee

Walitti fufinsi qabiyyee adeemsa baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeen tokko irra deddeebiin dhiyaachuun barattoonni gadi fageenyaan qabiyyee sana akka hubataniif qindaa'ee kan dhiyaatu jechuudha. Kunis qabiyyeen tokko yemmuu dhiyaatu salphaa irraa gara cimaa ykn

walxaxaatti kan deemu yommuu ta'u, haala dhiyaachuu qabuun tartiiba isaa eegee duraa duubaan dhiyaachu qaba jechudha. Walitti fufinsi qabiyyee muuxannoo barnootaa sirrifi filatamaa ta'een sirni barnootaa gahumsa qabu hundeessuu keessaatti gahee inni qabu olaanaadha.

Tasfaayee, (1981:41) "**ተከታታይነት ሲባል በአንድ ትምህርት አይነት ዉስጥ እያደገ ግን በተደጋጋሚ የሚመጣ አላማ ነዉ፡፡**" jechuun ibsa. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amu, Walitti fufinsa jechuun gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyeen ykn kaayyoon galmaan gahuuf barbaadamu tokko irra deddeebiin kan dhiyaatu ta'ee, garuu kan duraarraa dabalaafi babal'achaa kan dhiyaatu ta'uu nutti mul'isa. Kana jechuun, qabiyyeen barnootaa tokko gosa barnootaa tokko keessatti irra deddeebi'ee kan dhufu ta'ee, haata'u malee, kallattumaan isa dura baratan osoo hintaanee babal'achaa, yaada duraan baratan kan caalaatti gabbisaa deemu jechuudha.

Walitti fufinsi adeemsa baruufi barsiisuu keessatti barattoonni beekumsafi dandeettii isaanii haala gaariin akka daggaagfataa deemaniif carraa irra deddeebiin dhiyaachuu qabiyyeewwanii dhiyeessuurraatti kan xiyyeeffatudha (Ghazo, 2015).

Karaa biraa Dirribaa (2008), Tasfaayee wabeeffachuun yoo ibsu, walitti fufinsi gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee deddeebi'ee dhufu ta'ee garuu, guddachaa kan deemudha jechuun ibsa. Walitti fufinsi akka caasaa sirna barnootaatti, qabiyyeewwan barnootaaf oolan kutaa murtaa'aa keessattis ta'ee kutaawwan itti fufan keessatti jiraachuu qaba. Sababnisaas, barataan tokko yaada sana irra deddeebiin yoo barate ergaa/yaada isaa gadi fageenyaan akka hubatu isa taasisa. Kanaafuu, kitaaba kutaa tokko keessattis ta'u kutaawwan walitti aanan keessatti qabiyyeen filatame walitti fufinsa qabaachuun caaseffamuu qaba. Yaada kanarraa ammoo wanti hubannu walitti fufisi, boqonnaatii boqonnaatti, akkasumas kutaatii kutaatti darbee argamuun qabiyyee tokkoo hubannaa barattootaa cimsuuf baay'ee barbaachisaa ta'uusaati.

Haalli qindoomina walitti fufinsi qabiyyee karaa lama ilaalama. Inni tokko walitti fufinsa qabiyee olee (vertical continuity) fi inni lammaffaa immoo walitti fufinsa qabiyyee boqonnaa gara boqonnaa kanneen jedhamanidha.

#### 2.1.5.2. Walitti Fufinsa Qabiyyee Boqonnaa Gara Boqonnaatti Jiru

Walitti fufinsa qabiyyee boqonnaa gara boqonnaa (horizontal continuity) jechuun qabiyyee barnootaa gosa barnootaa tokkoo keessaatti walitti fufinsa qabiyyee boqonnaawwan gidduutti ilaalamudha. Kana jechuun immoo qabiyyeen tokko boqonnaa duraa keessatti ilaalame ammas irra deebi'uun kan kanaan duraa caalaa babal'atee yoo dhiyaate walitti fufinsa boqoqnnaa gara boqonnaa qaba jedhama jechuudha. Gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyeen dhiyaatu walitti fufinsa hiqabu taanaan hariiroon boqonnaadhaa boqonnaa gidduu jiru addaan ciccitaa ta'a. Kun immoo barattoonni waan baratan sana akka seeraan hinhubanne gochuu keessatti gahee olaanaa qaba (Tasfaayee, 1981).

#### 2.1.5.3. Walitti Fufinsa Qabiyyee Olee

Walitti fufinsa qabiyyee olee (vertical continuity) jechuun immoo walitti fufinsa qabiyyee gosa barnootaa tokkoon kutaadhaa kutaatti mul'atudha. Kunis, qabiyyeen kutaatii kutaatti barattoonni yoo cehaa deeman qabiyyeen barnootaas isa duraan beekan ykn muuxannoo duraan qaban irraa ka'uun gara fuula duraatti babal'achaa kan deemu ta'uu isaa ibsa. Haata'u malee, isuma duraan baratan irra deebi'a osoo hintaanee kan kanaan dura baratan bu'uureffachuun kan biroo itti dabaluun mata duree sana bal'isuun irra deebi'ee barsiisa jechuudha.

Ornstein and Hunkins (2009) yaaduma kana deeggaruun "Continuity refers to the vertical organization of content and experiences, sequence emphasizes the importance of building each successive experience up on the preceding one" jedha. Yaada hayyoota kanarraa akka hubatamutti, walitti fufinsi qindoomina qabiyyeefi muuxannoowwan olee kan agarsiisu ta'ee, tokko tokkoon qabiyyee yommuu qophaa'u, isa dura beekan ykn baratan bu'uureffachuun barbaachisaa akka ta'e ibsu.

Dirribaa (2008), Tasfaayee (1981) wabeeffachuun qabiyyeen gosa barumsaa tokkoo kutaadhaa gara kutaatti dhiyaatu walitti fufinsa hinqabu taanaan adeemsa hubannaa barattootaa qabiyyee sanaarratti akka danqaa ta'u kaasa.

#### 2.1.5.4. Barbaachisummaa Walitti Fufinsa Qabiyyee

Dhalli namaa jiruufi  jireenya isaa keessatti waan tokko aluma tokkoon arguun hinhubatu. Kan yeroo dheeraa irraa turee kan argu yoo ta'e nidagata. Kanaafu, bifa wal irraa hincinneen walitti fufinsaan arguun barbaachisaadha.Haaluma kanaan qabiyyeen barnootaas yemmuu qophaa'u haala barattoonni hindaganneen walitti fufinsa isaa eegee qophaa'uu qaba.haata'u malee, isuma duraa akkuma jirutti kan irra deebi'amu osoo hintaanee haala barattoonni hinnuuffineen dagaagaa ykn isa duraarra bal'achaa dhiyaachuun isaa barbaachisaadha.

#### 2.1.5.5. Maalummaa Dagaagina Qabiyyee

Akkuma qorataan kun walitti fufinsa jalatti kaasuuf yaale dagaaginni qabiyyee bal'inaafi gadi fageenyaan dhiyaachuu qabiyyee tokkoo iratti kan xiyyeeffatudha. Tasfaayeen, ( 1981:41 ) yaada kana "**ተለጣጣቂነት ከተከታታይነት የሚዛመድ ቢሆንም የሚለይበት ባህሪይ አለዉ። ይኸዉም በስረአተ ትምህርት ዉስጥ የሚቀርብ የትምህርት ጉዳይ በየደረጃዉ ስፋት ና ትልቀት እያገኘ እንዲሄድ የሚመራ ነዉ።**" jechuun ibsa.

Karaa biraa dagaaginni qabiyyee bal'inaafi gadi fageenyaan dhiyaachuu qabiyyee tokkoo iratti kan xiyyeeffatudha. Kana jechuun qabiyyeen gosa barnootaa tokko keessatti kan dhiyaatee boqonnaa biraa ykn kutaa biraa keessatti deebi'ee mula'achuu danda'a garuu, haalli bali'ina isaafi gadi fageenyi isaa isa duraa caalu qaba. (Richards. C, 2001/2016)

Dagaagina qabiyyee jechuun qabiyyeen barnootaa tokko yommuu dhiyaatu guutummaa guututti isa duraa baratame waliin kan walqabatu ta'ee irra deebi'uun haadhiyaatuyyuu malee, kan dura baratame sana irratti yaada dabalataa ida'uun kan duraa caalaa bal'atee kan dhiyaatudha. Kanas, haaluma armaan oliitti ibsamuuf yaalameen walitti fufinsa dalgeefi olee irratti kan ilaalamuu qabudha. Dalgee yommuu jennu kutaa barnootaa daree barnootaa tokko keessatti boqonnaafi boqonnaa giddutti kan ilaalamu yommuu ta'u, oleen immoo toora gosa barnootaa tokkoon kutaafi kutaa gidduutti kan ilaalamudha.

Dirribaa (2008) Tasfaayee (1981) "…wabii godhachuun walitti fufinsi qabiyyee qofaa isaa gahaa miti. Kanaaf, walitti fufinsa keessatti gabbinni yaadaa yookaan dagaaginni qabiyyeewwanii jiraachuu qaba." Haaluma kanaan walitti fufinsiifi daggaginni adda addaan

ilaalamuu hindanda'an. Sabani isaas walitti fufinsa jechuun irra deddeebiin dhiyaachuu qabiyyeewwanii waan ta'eef, irra deddeebiin kun immoo dagaagaa yookiin babal'achaa yaada dabalataa horachaa kan hindeemne yoo ta'e, barattoonni waan haaraa argachaa waan hinjirreef barumsicha nuffuufi jibbuu danda'u. Kanaaf, haala qophiilee kitaabilee keessatti walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee murteessaa ta'uusaati.

### 2.1.5.6. Barbaachisummaa Dagaagina Qabiyyee

Qabiyyeen baratamu tokko akka hindagatamneef irra deddeebiin dhiyaate shaakalamu qaba. Haata'u malee, shaakalli irra deebiin isuma duraan shaakalaniin kan dhiyaatu yoo ta'ee barattoonni ninuffu. Kannaafu, Qabiyyee sana isaa duraa caalaa babal'isuun ykn dagaagsuun barattoonni akka shaakalan gochuun barbaachisaadha. Kuni immoo barattoonni nuffii tokko mallee akka barataniif isaan gargaara. kana malees, qabiyyeen sun irra deebiin waan dhiyaateef barattoonni qabiyyee sana sirriitti naffeeffachaa ykn hubachaa deemu. kanaafuu, dagaaginni qabiyyee barnootaa kennamu keessatti baay'ee barbaachisaadha.

## 2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Sakatta'a barruu walfakkii kan jedhu kun akkuma maqaa isaa irraa hubatamu qorannoowwan biroo dhimma kana yookiin mata duree kana waliin walitti dhufeenya qaban jechuudha. Mata duree sakatta'a walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu (boqoqnnaa gara boqonnaafi olee ) barnoota Aafaan Oromoo kutaa 11fi 12 jedhu irratti qorannoo gaggeeffamudha. Dhimma kanaan kan walfakkaatu qorannoon adda addaa gaggeeffameera. Kanneen keessaa hayyuu Dirribaa Dabaleen (2008/2016) mata duree "Xiinxala qabiyee caaslugaa kitaaba barataa kutaalee 11fi 12: walitti fufinsaafi dagaagina irratti xiyyeeffachuun" kan jedhu irratti qorannoo adeemsiseen ibsa bal'aa kaa'eera. Walfakkeenyi qorannoo kana lamaanii kutaa 11fi 12 irrattii walitti fufinsaafi dagaaginaa irratti xiyyeeffachuu isaa yoo ta'u, garaagarummaan isaa immoo, qabiyyee caaslugaafi ogbarruu irratti xiyyeeffachuun adda isaan taasisa.

Qorannoo isaa kana keessattis, yaada furmaataa yommuu kaa'u: Kitaabilee barattootaa Afaan Oromoo ktaa 11fi 12 keessatti qabiyyeen caaslugaa barsiisuuf yookaan shaakalsiisuuf qophaa'aniif xiyyeeffannoon osoo kennaamee gaariidha akka ta'eefi Ogeeyyiin qophii

meeshaalee barnootaa irratti bobba’an haala kaayyoo qabiyyee caasluugaa dhihaatuufi haala gilgaalonni caaslugaa itti dhiyaatan walsimsiisuun osoo dhiheessanii barattoonni bu’aa gaarii akka argatan ibseera.

Qabiyyeen caaslugaa shaakalsiisuuf kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 keessatti dhihaatan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaadhaa gara boqannaatti jiruuf osoo xiyyeeffannoon kennamee gaariidha jedheera. Kunis, barbaachisumaan isaa tokko qabiyyee sana walqabsiisuun akka hubannoo isaanii cimsachuun ofdanda’anii barataaniif isaan gargaara. Lama, walitti fufinsa keessatti yaadni yoo dabalaa deemuun sadarkaa isaanii walmadaalaa yaa’insa yaada gidduu jiru osoo addaan hikutiin miira hawwataa ta’een osoo hinnuffiin kaka’umsaan akka baratan isaan taasisa.

Qabiyyeen kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12 keessatti caasluga shaakalchiisuuf qophaa’an akkuma kan kutaa 11 rakkoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee waan qabuuf osoo xiyyeeffannoon qophaa’ee gaarii ta’a kan jedhudha.

Karaa biraa Abbabaa Gabbisaa (2010) “Xiinxala dhiyaanaa Afoolaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo keessatti(kutaa kudha-tokkoffaafi kuta kudha-lammaffaa kan bu’uureffate)” mata duree jedhurraatti hojjechuun kaayyoo dhiyaannaa Afoolaa kitaabolee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkooffaafi kudha-lammaaffaa xiinxaluu jedhu keessatti mala qorannoo akkamtaatti fayyadamee xiinxaluuf ragaawwan madda ragaa tokkooffaafi lammaffaa fayadamuun argame wabeeffachuun fuurmaata yommuu kaa’u, Afoolli mataa isaa danda’e akka qabiyyee tokkootti akka dhiyaachuu qabuufi yeroo kitaabileen barnootaa afaanii qophaa’an caasluga, hiika jechootaafi ogummaawwan afaanii arfan xiyyeeffannoo walfakkaatuun akka dhiyyaatuuf ogeeyyii xinqooqaafi fookloorii keessatti hirmaachisuun akka qophaa’uu qabu ibsameera. Walfakkeenyi qorannoo kanaa lammaanu kutaa 11fi 12 iraatti gaggeeffamuufi ogbarruu keessaa afoola waliin walitti dhufeenya qabaachuudha. Garaagarummaan isaa immoo ogbarruufi afoola irratti xiyyeeffachuun adda isaan taasisa.

Kannaafuu, qorannoo kana qoraannoo armaan oliirraa kan adda isa taasisu kan caasluga qofarraatti xiyyeeffatu osoo hintaanee,kitaaba barnootaa kutaa 11fi 12 keessatti argaman hunda irrattii xiyyeeffachuun walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeewwa (oleefi boqonnaa gara boqonnaa) xiinxaluurratti kan bu’uureffatedha.

Kan biroos, Eeliyaas Muhammad mata duree " Sakatta'a Hojiilee Ogbarruu Afaan Oromoo Mana Sagadaa Amantii Kaatoolikii Maarqoos Qulqulluu baroota 1860-1991 keessatti Godina Harargee Lixaa Aanaa Doobbaa" kan jedhu irratti yoo gaggeessu walitti dhufeenyi mata duree qoratichaa waliin qau nijra. innis waliitti dhufeenyi isaanii waa'ee dhimmaa ogbarruu Oromoo jedhu wal isaan fakkeessa. adda addummaan isaanii immoo qoratichi haala dhiyaanna ogbarruu kutaa 11fi 12 irratti xiyyeeffachuun kan gaggeesse yoo ta'u, kaayyoon qorannoo Eeliyaas immoo haala hojiilee ogbarruu Afaan Oromoo mana sagadaa amantii kaatolikii Marqoos Qulqulluu baroota 1860-1991 giddutti xiyyeeffachuun sakatta'uurratidha.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti akkuma maqaa isaa irraa hubatamuuf yaalamu tooftaa qorannichaa, madda ragaaleefi iddattoota qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, mala iddatteessuufi malleen qaaccessa odeeffannoo qorannichaa kan qorataan qorannicha keessatti garagaaramuuf yaadamantu duraa duubaan dhiyaate.

Qorannoon kun walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee Ogbarruu oleefi boqoqnnaa boqonnaatti kitaaba barattoota A/O kutaa 11ffaa fi 12ffaa bara 2005 (ALI) qophaa'e bu'uureffachuun gaggeeffame. Hojii kana gaggeessuufis gosa qorannoo keessaa kan dhimma itti bahame qorannoo ibsaati. Qorataan kunis, kanumarratti hunda'uun qorannoo kana qaacceessuuf mala makoo akkamtaafi hammamtaatti fayyadamuun qaaccesseera. Sababni isaas ragaaleen sakattainsaa dokimentiin argaman jechaafi himaan kan ibsaman yoo ta'u, qabiyyeewwan irra deddeebiin dhiyaataan immoo hammami? kan jedhuuf lakkoofsaafi parsantaan dhiyaatu waan ta'eef, qoratichi ibsaa akkamtaafi hammamtaa/ makoo fayyadamuun yoo qaacceesse, qorannoo kanaaf mijaawaadha jedhee waan amaneefi.

Haaluma kanaan adeemsa qorannoo kanaa keessatti haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu kitaabilee barattootaa barnoota A/O ku. 11fi 12 keessatti akaakuuwwan ogbarruu hundi dhiyaachuu, haala walitti fufinsa isaafi dagaagina isaa eegee boqonnaati gara boqonnaatti akkasumas, kutaadhaa gara kutaatti yoo cehaa deemu walitti fufinsiifi dagaaginni isaa maal akka fakkaatu sakatta'ameera.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorataan gaaffiilee bu'uuraa qorannoo kana keessatti ka'aniif deebii kennuuf maddi ragaalee caalattii barbaachisaadha jedhee qoratichi filate lamadha. Inni tokkoffaa madda odeeffannoo jalqabaa kan ta'e, sakatta'a dokimentii (primary source data) kitaabilee barattoota A/O kutaa 11ffaa fi 12ffaa ti. Sababni isaas, Xiyyeeffannoon isaa, walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee ija ogbarruun boqonnaafi boqonnaa gidduu jiruu akkasumas, kutaafi kutaa gidduu jiru maal akka fakkaatu ilaaluun madaaluu waan ta'eef, sakatta'insi dokimentii filatamaeera. Yaaduma kana

Dastaan (2013:195) “Odeeffannoo kitaaba qorannichi irratti gaggeeffamuuf filame keessaa argama” jedha.

Inni lammafaas, madda odeefannoo tokkoffaa (primary source data) barsiisota kutaa sana barsiisan gaafachuunidha. Sababni barsiisonni kun akka madda ragaa tokkoffaatti filamaniif, kallattidhaan kitaaba barnootaa kanaan dhimma bahu waan ta’eef, rakkoolee dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu waliin walqabatanii kitaabilee kanneen keessatti mul’ataniif odeeffannoo gahaa isaan irraa nan argadha jedhee waan yaadeefi. Kanaaf qorataan kitaabilee barattootaa kutaa kana lamaan akka madda ragaa tokkoffatti itti gargaaramuufi barsiistota kutaa kana seenun Afaan Oromoo barsiisanis akkasuma mada ragaa tokkoffaatti gaafachuun qorannoo kana gaggeessuuf karoorfateera. Kanarraa ka’uudhaan barsiistota Afaan Oromoo Manneen barnootaa Godina Addaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu Mana Barumsaa Qophaa’inaa Buraayyuu yommuu ta’an barsiisonni kunniinis kan filatamaniif kitaabilee kanneeniin barsiisaa waan jiraniif dhimmicharratti odeeffannoo bal’aafi gadfagoo qabu jedhamee qoratticha waan yaadameefi.

Waa’ee madda raga ilaalchisee akka Cohen (1994:50) jedhutti

> *Primary datas are those items that have had a direct physical relationship with the events being reconstructed. This category would include not only the written and oral testimony provided by actual participants in or witnesses of, an event, but also the participants themselves. Documents considered as primary sources include manuscrips, characters, laws, archives of official minutes or records, files , letters,…. recordings and research reports. All these are intentionally or unintentionally, capale of transmiting a first hand account of an event and are therefore considered as asource of primary data* jedha.

Haaluma kana irraa hubatamuun madda ragaa tokkoffaa jechuun kallattiidhaan dhimmaa barbaadamu sana waliin hariiroo kan qabudha. As keessatti ragaadhaan hirmaattotaan kan barreeffameefi afaaniin kandubbatame qofa kan hammatu osoo hintaanee hirmattota mataasanii nidabalata.

### 3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qoratichi kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf, ragaa ga’aafi quubsaa argachuu qaba. Ramaddiin kun kan ofjalatti hammatu dhugaa bahinsa hirmaatota sirrii qofaa osoo hintaanee

raga battotas nidabalata. Dokumantoonni akka madda raga tokkoffaatti kan ofjalatti hammatan barreeffamoota, taatota, seerota, hadarsoota, galmeewwan, faayiloota, xalayaalee…wabiifi gabaasa qoranootaati. Hundi kun itti yaadamanii ykn otoo itti hinyaadamiin taatee duraa dabarsuu danda'uu isaaniti. Kanaaf, meeshaalee funaansa ragaa sakatta'a dokimentii (document analysis) fayyadamuufi af-gaaffiin odeeffannoo funaannateera. Meeshaaleen kun kan filamaniifis mata duree qorrannoo kanaaf odeeffannoo quubsaafi gadi faggoo ta'e argachuufi qaaccessuuf filatamaadha jedhee qoratichi waan amanuufi.

### 3.3.1. Sakatta'a Dookumentii

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti maddi ragaa inni tokkoffaafi bu'uuraa kitaabilee barattootaa barnoota Afaan Oromoo ku. 11fi 12 bara 2005/2012 maxxanfaman sakatta'uudha. Sababni isaas, haala waliti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbarruun kitaabilee barattootaa barnoota A/O keessatti mul'atan ilaalchisee ragaa quubsaa ta'e funaannachuuf, sakatta'a kitaabilee barattootaa ku. 11fi 12tti fayyadame. Haaluma kanaan ragaalee quubsaafi gahaa ta'an argachuuf, qabxiilee mirkaneeffaannaa sakatta'insa dhiyaannaa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu kitaabilee barnootaa A/O ku. 11fi 12 keessa jiran agarsiisan qopheeffachuun sakatta'insi akka gaggeeffamu taasifame. Qabxiileen mirkaneeffannaa sakatta'insi kitaabilee kanneeniis, walittii fufinsaafi dagaagina ogbarruu boqonnaatii boqonnaatti akkasumas, walitti fufinsaafi dagaagina olee kutaattii gara kutaatti bu'uura godhachuun kan gaggeeffamedha. Sababni isaas, xiinxalli kitaabilee barattootaa waan ta'eef kallattumaan sakkatta'insa kitaabilee kanaan walqabata.

### 3.3.2. Af-gaaffii

Inni lammaafaa meeshaalee funaansa ragaalee keessaa af-gaaffiitti fayyadamuun barsiistota kutaa sana seenuun barsiisan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu KBAO ku. 11fi 12 boqonnaa gara boqonaattiifi oleen maal akka fakkaatu gaafachuun hanqinni walitti fufinsaafi dagaaginni qabiyyee ogbarruu jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaa xiinxalee adda baseera. Sababni malli kun filatameef barsiisonni kun kitaaba sakatta'amu kana barsiisaa waan jiraniif dhiphina tokko malee bilisa ta'uun waan gaafataman irattii odeeffannoo qaban

waan keennannif sakatta'a kitaabilee gaggeeffame waliin walbira qabuun ragaa quubsaafi gahaa ta'e argachuuf yaadameeti.

## 3.4. Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun kan gaggeeffame sakatta'a walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbarruun jedhu irrattidha. Iddattoon irraawwatamtoota qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa odeeffaannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamanidha.

Dastaan (2013:132) idattoo yoo ibsu, "...naannawa qorannicha irratti gaggeesinu (population)fi naannawa sana keessaa kan irratti daangofnu, iddattoo keenya akka murteeffannuuf karaa bana. Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan ittiin taasisnu" jedha. Kanaaf, haaluma armaan oliitti ka'een qorannoon kun sakatta'a kitaabaarratti kan gaggeeffamu ta'uunsaa jalqabarratti ibsameera. Kanaafuu walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu ku 11fi 12 jiraachuufi jiraachuu dhabuusaa addaan baasuuf tooftaaleen ittiin iddattoon filamuufi ragaaleen funaanamu haala armaan gadiin dhiyaateera.

### 3.4.1. Kitaabilee barnootaa

Kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa hunda al tokkotti sakatta'uun waan ulfaatuuf kitaabilee barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 bara 2005/2012 maxxanfamanii hanga ammaatti tajaajila kennaa jiran mala iddatteessuu mit-carraa itti yaadeetiin (purposive sampling) filatamaniiru. Sababni malli kun filatameef, mata dureen qorannoo kanaa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu irratti waan adeemsifamuufi. Kun immoo bal'inaan kan inni argamu kutaawwan 11fi 12 irratti; kana malees, kutaawwan kun barnoota ol'aanoof ka'umsa waan ta'eef mala akkaayyoon iddatteesseera.

### 3.4.2. Qabiyyee Ogbarruu

Qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 11fi 12 akkuma armaan oliitti ibsame qabiyyeewwan gurguddoo ta'an dandeettiiwwan afaanii arfan, seerluga, jechootafi ogbarruu kan ofkeessaa qabudha. Kanneen keessaa qabiyyee ogbarruu mala iddatteessuu keessaa mit-carraa kan ta'e akkaayoon filateera. Sababni isaas, qabiyyeewwan kaan irrattii qorannoon

adda addaa kan adeemsifame yoo ta'u, kallattii ogbarruu kutaa kana lamaan irratti bal'inaan waan hingaggeeffamneef qorataan kun qabiyyee kanarratti qorannoo gaggeessuuf akkaayyon filateera.

Berg (2001:32) "When developing purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represents this population," jechuun ibsa. Kanaaf, qoratichis KB kutaa $11^{ffaa}$fi $12^{ffaa}$ irratti xiyyeeffachuun qorannoo isaa gaggeesuuufi. Sababni mala iddatteessuu kaayyeeffataa kun filatameeffis kallattumaan kaayyoo barbaadame sanaaf furmaata laachuu danda'u jedhamee waan yaadameefi. Addunyaa, (2011:67) "akka kaayyoo qorannichaatti yookaan qoratichaatti odeeffata ykn deebistoota filachuu waan ta'eefi," jedha.

### 3.4.3. Mana Barumsaa

Manni barumsaa qophaa'inaa naannoo Oromiyaa Godinaalee adda addaafi aanaalee hunda keessatti argama. Godinaalee kanneen keessaa Godina Addaa Bulchiinsa Magaala Buraayyuu keessaa Mana Barumsaa Qophaa'ina Magaala Buraayyuu mala iddatteessuu akkaayyoon (purposive sampling) filatameera. Sababni isaa manni barumsaa kun naannoo jireenya qorataa kanaatti dhiyoo ta'uunsaa qorataan yeroo gahaa argatee qoranichaa gadi fageenyaan gaggeesuuf haala mijataa uuma jedhee waan yaadeefi.

### 3.4.4. Barsiisota

Iddattoo barsiisotaa, manni barumsaa qophaa'ina Magaala Buraayyuu barsiisota afaan Oromoo barsiisan dhiira lama qofa qaba. Qorataan qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf mala iddatteessuu mit-carraa keessaa hunda hirmaachisaatti (comprehencive sampling) fayyadamuun iddatteesseera. Sababni mala kana fayyadameef barsiisonni jiran baay'ina hinqaban waan ta'eef, barsiisota jiran hundarraa odeeffannoo fudhachuufi.

Walumaagalatti qorataan kun odeeffannoo gahaa qorannoo kanaaf ta'u, kitaabilee barattootaa barnoota afaan Oromoo kutaa $11^{ffaa}$fi $12^{ffaa}$ akkasumas, barsiisota kutaa kana seenuun barsiisan irraa argachuu nandanda'a jedhee waan amaneef filateera.

### 3.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Qorataan qorannoo kanaaf ragaawwan kan walitti qabe karaa sakatta'insa kitaabilee barnootaafi afgaaffii barsiisotaa ta'uu armaan olitti ibsameera. Ragaalee sakatta'insa dokimentiidhaan (document analysis)fi afgaaffiin barsiisota irraa argaman haala armaan gadiin bifa ibsaatiin qaaccesseera. Jalqaba irraatti ragaawwan mata durichaan walqabataniifi walhinqabanne adda baasuudha. Akkasumas, ragaawwan sakatta'amaniifi afgaaffiin funaanaman addaan baasuudhaan sirruummaafi qulqullina odeeffannoo funaanamee ykn sakatta'amee nimirkaneesse. Sakatta'insi kitaabilee barattootaa barnoota Afaan Oromoo lamaan keessatti gaggeeffaman bifa ibsaatiin kan mul'atan waan ta'eef mala dhihaannaa akkamtaatiin (qualitative method) akkasumas qabiyyeewwan walitti fufinsaan dhiyaataan hangam akka irra deebiin dhiyaatan lakkoofsaan ykn parsantaan (quantitative method) waan mul'ataniif kunneen immoo hammamtaan waan dhiyaataniif mala makaan qaacceffame.

# Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee

Akkuma beekamu boqonnaa kana keessatti xiinxalaafi ibsa ragaalee qorannichaatu dhiyaata. Adeemsi xiinxalaafi ibsi raga kan gaggeeffame raga sakatta'a kitaabilee irraa argame gabatee madaallii kitaabilee keessatti qindaa'e xiinxaluun akkasumas, odeeffannoon afgaaffiin barsiisota irraa argame ofeeggannoodhaan ibsamee jira. Mala ragaaleen kun ittiin qaacceffaman ilaalchisee ragaan sakatta'a kitaabaas ta'u, afgaaffiin barsiisota irraa argaman mala akkamtaatiin qaacceffamuun ibsaman.

## 4.1. Ibsa gabaabaa Waa'ee Madda Ragaalee

### 4.1.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Kitaabilee A/O kutaa 11fi 12

Kaayyoowwan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee galmaan geessissuu keessatti kitaabileen barattootaa meeshaalee sirna barnootaa keessaa isa tokkodha. Kanaaf, ibsa gabaabaa waa'ee kitaabilee barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa haala armaan gadiin tokko tokkoon ibsameera.

#### 4.1.1.1. Kitaaba Barattootaa kutaa 11

Sakatta'a walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu kana gaggeessuuf kan inni irratti xiyyeeffatame kitaaba barattootaa afaan Oromoo ku. 11 kan ministeerri barnoota Oromiyaa akka lakkoofsa abashaatti bara 2005 kan maxxanfame yoo ta'u, kitaabni kun boqnnaalee 17fi fuula 224 kan qabudha. Qabiyyeewwan adda addaa kitaaba kana keessa haajiraataniyyuu malee, qorataan qabiyyee ogbarruu irratti xiyyeeffachuun walitti fufinsaafi dagaagina isaa ilaaluurrattidha.

#### 4.1.1.2. Kitaaba Barattootaa kutaa 12

Kitaabni barattootaa Afaan Oromoo ku. $12^{ffaa}$ bara (2005/2013) BBOn qophaa'e hojirra kan jiru yoo ta'u, boqonnaalee adda addaa kudha saddet (18)fi fuula 172 irratti qabiyyeewwan bu'uura ta'an kanneen akka dandettii afaanii arfan (dhaggeeffaachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu), jechoota, seerlugafi ogbarruu irratti xiyyeeffachuun kan qophaa'edha.

#### 4.1.1.3. Ibsa Gabaabaa Namoota Ragaa Kennanii

Seenduubee barsiisota filamanii yookiin iddatteeffamanii ilaalchisee ragaalee sakatta'a kitaabilee kanneen irraa argaman calmaatti qabatamaa gochuuf ykn odeeffannoo gahaa argachuuf barsiisota Afaan Oromoo kutaa $11^{ffaa}$fi kutaa$12^{ffaa}$ barsiisanii akka afgaaffiin dhiyaatu taasifame. Kaayyoon afgaffii dhiyeessuu daangaa odeeffannoo argamuu qabu sanaa bal'isuuf ta'ee, kallattii gafannoo dhiyaate kanaan odeeffannoo kennuuf kan adda bahan barsiisota lama yoo ta'an; lamaanuu gosa barnootaa A/Oromootiin digirii lammaffaa kan qaban yommuu ta'an, lamaan isaanii dhiira. Inni tokko ku $11^{ffaa}$ barsiisuun muxannoo waggaa saddetii kan qabu yommuu ta'u, inni lammaaffaa immoo ku $11^{ffaa}$ fi ku 12 barsiisuun muuxannoo waggaa kudha -tokko kan qabudha. Muuxannoo yeroo dheeraa qabachuun isaanii kun immoo afgaaffii  dhiyaateef odeeffannoo gahaa ta'e kennuu danda'uu isaanii namatti agrsiisa.

## 4.2. Qaaccessa Sakatta'a Dookumentii

Qoratichi ragaalee sakatta'a kitaabilee barattootaa irraa argaman haala armaan gadiin gabatee adda addaarratti boqonnaa boqonnaafi kutaa kutaadhan qoqqooduun qaaccesseera.

### 4.2.1. Haala Dhiyaannaa Ogbarruu Ilaalchise

Kana jalatti haala dhiyaannaa ogbarruu KBAO kutaa $11^{ffaa}$fi $12^{ffaa}$ keessatti maal akka fakkaatutu qaacceffame. Haaluma kanaan gosoonni ogbarruu kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan walitti fufinsa qabaachuufi qabaachuu dhiisuu isaanii adda baafachuuf qoratichi gabatee (1) gargaarameera. Ragaa gabateerratti hundaa'uun yaaxxinoota matadurichaan walqabatan walcinaa qabuun ibsi dabalataa gabatee jalatti kennameera.

**Gabatee (1): Xiinxala gosoota og-barruu KBAO kutaa 11**

| T/L | Gosoota Og-barruu | Boqonnaa | Baay'ina | % |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sirba daboo | 1 | 1 | 5.6 |
| 2 | Geerarsa qaacceessuu | 2 | 1 | 5.6 |
| 3 | Sheekkoo Bineensotaa | 3 | 1 | 5.6 |
| 4 | Durdurii, Malleen Dubbii, Geerarsa Gootaa | 5 | 3 | 16.7 |
| 5 | Faaruu Ateetee | 8 | 1 | 5.6 |
| 6 | Sheekkoo, Mammaaksa | 10 | 2 | 11 |
| 7 | Og-walaloo, Ciigoo, Hibboo, Jechamoota | 11 | 4 | 22.2 |
| 8 | Jechama, Sirba Sirna Gadaa | 12 | 2 | 11 |
| 9 | Asoosama Gabaabaa, Qoosaa | 15 | 3 | 16.7 |
| Ida'ama | | 9 | 18 | 100 |

Gabateen kun ogbarruuwwan KBAO ku. 11 keessatti boq. kam keessatti baay'inafi parsantaa meeqaan akka argaman ibsa. Haaluma gabatee armaan oliirraa hubatamuun kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa boqonnaa kudha-torba qabu keessaa boqoqnnaa sagal keessatti ykn parsantaan 53 qabiyyeen ogbarruu dhiyaatee jira. Walumaagala qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti dhiyaatan 18dha. Tokko tokkoon boqonnaa keessatti yoo ilaallee immoo, Boqonnaa 11 keessatti ogbarruuwwan afur (% 22.2), boq.5fi boq. 15 keessa ogbarruuwwan sadii sadii (%16.7), boq. 10fi12 keessatti ogbarruuwwan lama lamatu(%11) dhiyaate. Boqonnaalee 1,2,3fi 8 keessatti immoo kan dhiyaatan tokko tokko (%5.6) qofa. Waliigala boqonnaawwan eeraman kana keessatti ogbarruuwwan kudha-saddettu argama. Isaan kana keessaa ogbarruun baay'een isaanii boq. 11, 5fi 15 keessatti argamu. Gidduugaleessaan immoo boq. 10fi 12 keessatti kan argaman yoo ta'an, boq.1,2,3fi 8 keessatti immoo ogbarruuwwan baay'ee gad aanaa ta'uu gabatee armaan oliirraa hubatameera. Boqonnaawwan hafan trba (%47) keessattii immoo tasumaa kan hindhiyaannee ta'uu hubatameera. Kunis kan nuhubachiisu, qophii kitaabaa kana keessatti ogbarruudhaaf xiyyeeffannoon kan hinkennamne ta'uu isaati. Sababni isaas, boqonnaa tokko tokko keessatti ogbaruun baay'inaa kan mul'tu yoo ta'u boqonnaa baay'ee keessatti immoo waa'een ogbarruu tasumaa hinkaane.

**Gabatee (2): Xiinxala gosoota og-barruu KBAO kutaa 12**

| T/L | Gosoota Og-barruu | Boqonnaa | Baay'ina | % |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Mammaaksa | 3 | 1 | 7.1 |
| 2 | Hibboo | 4 | 1 | 7.1 |
| 3 | Sirba Fuudhaafi Heeruma | 5 | 1 | 7.1 |
| 4 | Sheekkoofi Mammaaksa | 7 | 2 | 14.3 |
| 5 | Ciigoo, Walaloofi Dubbii qoolaa | 9 | 3 | 21.4 |
| 6 | Asoosama, Alasoosamafi Malleen dubbii | 11 | 3 | 21.4 |
| 7 | Diraamaafi Asoosama | 12 | 2 | 14.3 |
| 8 | Asoosama | 13 | 1 | 7.1 |
| Ida'ama | | 8 | 14 | 100 |

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubatamuu kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa 12[ffaa] boqonnaa kudha-saddet qabu keessaa boqoqnnaalee 3,4,5,7,9,11,12fi 13 walumaagala boqonnaa saddeet qofa keessatti qabiyyeen ogbarruu dhiyaatee jira. Kunis dhibbentaan yoo ibsamu ogbarruuwwan %44.4 ta'antu kitaaba kana keessattii dhiyaachuu nutti agarsiisa. Qabiyyeewwan ogbarruu dhiyaataniis gosa kudha-afur qofa yoo ta'u, boqonnaa 9 keessatti afoolawwan sadii (%21.4) Ciigoo, walaloofi Dubbii qoolaatu dhiyaate. Boqonnaa 11 keessattis ogbarruuwwan sadii (%21.4) Asoosama, Al-asoosamafi Malleen dubbiitu dhiyaate. Haaluma gabatee armaan oliirraa hubatamuun boq. kana lamaan keessatti ogbarruuwwan baay'eetu dhiyaate. Akkasumas boqonnaa 7fi 12 keessatti ogbarruuwwan lama lamatu (%14.3)tu dhiyaate. Boqonnaawwan kana keessattii immoo haalli dhiyaannaa ogbarruu gidduugaleessa ta'u hubanna. Boqonnaawwan hafan boq. 3, 4, 5fi 13 keessatti immoo tokko tokkoo (%7.1) waan ta'eef baay'ee gadi aanaa ta'uu hubana. Yaaduma kanarraa haaluma hubatamuun kitaaba barattootaa ku 12 kana keessatti boq. 18 jiru keessaa boq. 10 (%55.6) ta'u keessatti waa'een ogbarruun kan hinkaane ta'uufi ogbarruuwwan hundis kan hindhiyaanne ta'usaati.

Walumaagala, kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11fi 12 keessatti qabiyyeewwan ogbarruu dhiyaate gahaa miti. Ogbarruun oromoo baay’eedha, keesumaa afoolli oromoo baay’inaan kan mul’atu, kitaabilee barnoota barattootaa keessatti hundi hindhiyaanne. Boqonnaawwan baayee keessattis waa’een ogbarruu tasumaa kan hinkaane/ hinxuqamne ta’uusaati.

### 4.2.2. Bu’aa Sakatta’insa Kitaabilee

**Gabatee (3) Walitti Fufinsa Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti jiru kan agarsiisu (kutaa 11)**

| T.L | Qabiyyeewwan Og-barruu | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra deebii | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | Lakk | % |
| 1 | Sirba | ✓ | | | | | | | | | | | ✓ | | | | | | 2 | 11.8 |
| 2 | Geerarsa | | ✓ | | | ✓ | | | | | | | | | | | | | 2 | 11.8 |
| 3 | Sheekkoo | | | ✓ | | | | | | | ✓ | | | | | | | | 2 | 11.8 |
| 4 | Durdurii | | | | | ✓ | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.9 |
| 5 | Malleen dubbii | | | | | ✓ | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.9 |
| 6 | Faaruu | | | | | | | | ✓ | | | | | | | | | | 1 | 5.9 |
| 7 | Mammaaksa | | | ✓ | | | | | | | ✓ | | | | | | | | 2 | 11.8 |
| 8 | Og-walaloo | | | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | 1 | 5.9 |
| 9 | Ciigoo | | | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | 1 | 5.9 |
| 10 | Hibboo | | | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | 1 | 5.9 |
| 11 | Jechama | | | | | | | | | | | ✓ | ✓ | | | | | | 2 | 11. |
| 12 | Asoosama | | | | | | | | | | | | | | | ✓ | | | 1 | 5.9 |
| 13 | Qoosaa | | | | | | | | | | | | | | | ✓ | | | 1 | 5.9 |

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubatammun danda'amutti ogbarruun boqonnaadhaa gara boqonnaatti bifa walitti fufinsa qabuun kan dhiyaate miti. Yoo jiraates baay'ee muraasadha. Fakkeenyaaf, sirba kan jedhu gosa adda addaan haata'uyyuu malee boqonnaa tokkoofi boqonnaa kudha-lama keessatti argamuun al lama (%11.8) dhiyaateera. Akaakuu afoolaa keessaa geerarsis, boqonnaa lamaafi boqonnaa shan irratti irra deebiin al lama waandhufeef (%11.8) dhiyaateera. Sheekkoonis akkasuma boqonnaa sadiifi boqonnaa kudhan keessatti (%11.8) dhiyaateera. Isaan kana malees waa'een mammaaksaa boq. 3fi 10 keessattiifi boqonnaa kudha-tokkoofi kudha-lama keessatti jechamoota kan jedhu (%11.8) dhiyaatee jira. Akaakuuwwan ogbarruu kutaa kana keessatti dhiyaatan kudha-sadii yommuu ta'an kanneen keessaa irra deebiin yookiin walitti fufinsaan kan dhiyaatan kanneen armaan oliitti eeraman shaman (%38.5) qofa. Kanaafuu haaluma qaaccessa armaan oliitti ilaalleen baay'inni ogbarruu dhiyaatee gahaa akka hintaaneefi Kanneen dhiyaatanis immoo, walitti fufinsi isaanii quubsaa akka hintaane nuhubachiisa.

**Gabatee (4): Walitti Fufinsa Boqonnaadhaa gara Boqonnaatti jiru kan agarsiisu (kutaa 12)**

| T.L | Qabiyyeewwan Og-barruu | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | | | Irra dee-bii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | **Lakk** | % |
| 1 | Mammaaksa | | | ✓ | | | | ✓ | | | | | | | | | | | | 2 | 11 |
| 2 | Hibboo | | | | ✓ | | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5 |
| 3 | Sirba | | | | | ✓ | | | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5 |
| 4 | Sheekkoo | | | | | | | ✓ | | | | | | | | | | | | 1 | 5.5 |
| 5 | Walaloo | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | | | | 1 | 5.5 |
| 6 | Ciigoo | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | | | | 1 | 5.5 |
| 7 | Dubbii qoolaa | | | | | | | | | ✓ | | ✓ | | | | | | | | 2 | 11 |
| 8 | Jechama | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | | | | 1 | 5.5 |
| 9 | Asoosama | | | | | | | | | | | ✓ | ✓ | ✓ | | | | | | 3 | 16.7 |
| 10 | Alasoosama | | | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | | 1 | 5.5 |
| 11 | Diraamaa | | | | | | | | | | | | ✓ | | | | | | | 1 | 5.5 |

Kitaabni barnoota afaan oromoo kutaa kudha-lammaffaa waliigala boqonnaa kudha-saddet kan qabudha. Haata'u malee, haaluma gabatee armaan olii irraa hubatamuun, walumaagala ogbarruuwwan kutaa kana keesatti dhiyaatan akaakuu kudha-tokkodha. Isaanis, boqonnaawwan kudha saddet jiran keessaa boqonnaawwan saddet(8) (3, 4, 5, 7, 9, 11, 12fi 13 ) keessatti qofa kan dhiyaatanidha. Kanas gara dhibbentattii yoo jijjiirru haaluma gabatee(2) jalatti ilaalamee darbeen (%44.4) ta'a. Kanneen keessaas bifa irra deebiin ykn walitti fufinsa qabuun kan dhiyaate, akka waliigalatti qabiyyeewwan 3 (%27.3)dha. Isaanis, asoosama boqonnaa 11, 12fi 13 keessatti (%16.7), mammaaksa boqonaa 3fi 7 keessatti (%11)fi dubbii qoolaa boqonnaa 9fi 11 keessatti (%11) qofa kan dhiyaatedha. Walumaagala akkuma yaada armaan oliitti gabatee 4 bu'uureffachuun ka'e irraa hubatamutti kutaa kana keessaatti qabiyyeen ogbarruu boqonnaawwan kudha-saddet jiran keessaa boqonnaawwan saddeet qofa keessatti ka'uunsaa baay'ee quubsaa akka hintaane nutti mul'isa. Kana malees, gosoota ogbarruu kudha-tokko dhiyaatan keessaa irra deebiin ykn walitti fufinsaan kan dhiyaatan gosa sadii(3) %27.3 qofa yoo ta'u inniyyuu irra deebii ykn walitti fufinsi inni guddaan %16.7 waan ta'eef, kun immoo walitti fufinsaan dhiyaateera nama hinjechisiisu.

Walumaagalatti, ogbarruuwwan boqonnaa gara boqonnaatti gama walitti fufinsaan kanneen mul'atan gosoota ogbarruu kutaa kana keessatti kudha-tokko dhiyaatan keessaa ogbarruuwwan sadii qofatu bifa walitti fufinsaan mul'atee jira. kun immoo akka hayyuun Tasfaayee (1981) jedhutti hanqina qabaachuusaati.

**Gabatee (5): Walitti fufinsa qabiyyee kutaa 11 gara kutaa 12 jiru agarsiisu**

| **Lakk** | **Ogbarruuwwan argaman** | **Kutaa 11** | **Kutaa 12** | **Irra deebiin kan mul'ate** |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sirba | ✓ | ✓ | ✓ |
| 2 | Geerarsa | ✓ | | |
| 3 | Sheekkoo | ✓ | ✓ | ✓ |
| 4 | Durdurii | ✓ | | |
| 5 | Malleen dubbii | ✓ | ✓ | ✓ |
| 6 | Faaruu | ✓ | | |
| 7 | Mammaaksa | ✓ | ✓ | ✓ |
| 8 | Ciigoo | ✓ | ✓ | ✓ |
| 9 | Hibboo | ✓ | ✓ | ✓ |
| 10 | Jechamoota | ✓ | ✓ | ✓ |
| 11 | Asoosama | ✓ | ✓ | ✓ |
| 12 | Qoosaa | ✓ | | |
| 13 | Walaloo | ✓ | ✓ | ✓ |
| 14 | Alasoosama | | ✓ | |
| 15 | Diraamaa | | ✓ | |
| Dhibbentaa(%) | 100 | 100 | 100 | %69.2 |

Akkuma gabatee (5) irraa hubachuun danda'amu kitaabilee barnootaa kutaa 11fi 12 keessatti gosoota ogbarruu jiran keessaa akaakuu kudha-shantu dhiyaate. Kunis, kutaa 11ffaa keessatti qabiyyeewwa jiran keessaa ogbarruu ilaalchisee kudha-sadiitu(13) %86.7 dhiyaateera. Kutaa 12ffaa keessatti immoo ogbarruuwwan kudha-tokkotu(11) %73.3 dhiyaate. Kutaawwan lamaan kana giduutti qabiyeewwan ogbarruu gosoota sagal(9) %69.2tu irra debiin yookiin walitti fufinsaan dhiyaateera. Kana jechuun qabiyyeewwan ogbarruu kutaawwan lamaan kana keessatti dhiyaatan keessaa %30.8 kan ta'an walitti fufinsa akka hinqabne ragaan sakatta'a kitaabarraa argame namatti mul'isa. Kanaafuu, akka waliigalatti yoo ilaallu qabiyyeen ija ogbaruun kutaa 11fi kutaa 12 keessatti dhiyaate kallattii walitti fufinsa kutaatii kutaatti jiru ykn walitti fufinsi olee hamma tokko fooya'insa haaqabatuyyuu malee, gahaa akka hintaane namatti agarsiisa. Sababni isaas, qabiyyee ogbarruu kutaa lamaan gidduuttii kudha-shan(15) dhiyaatan keessaa sagal(9) walitti fufinsa kan qaban yoota'u, kanneen hafan ja'a(6) immoo walitti fufinsa hinqaban. Haata'u malee, walitti fufinsa boqonnaafi boqonnaa gidduu jiru waliin walbira qabamee yoo ilaalamu fooyya'insa kan qabu ta'uusaati.

Xiyyeeffannoon walitti fufinsa olee (kutaatii gara kutaa) kutaa isa dhumaa ykn ku.12[ffaa] irrattidha. Sababni isaas qabiyyeewwan irra deebi'uu isaanii kan adda baasnu kutaa kana keessatti waan ta'eefi. Fakkeenyaaf, akkuma gabatee armaan oliirraa hubannu qabiyyeewwan ogbarruu kudha-tokko(11) kutaa 12 keessatti dhiyaatan keessaa qabiyyeewwan ogbarruu 9(%81.8) kan kutaa 11 keessatti dhiyaatan irra deebi'uun kutaa 12 keessatti dhiyaachuu isaanii agarsiisa. Qabiyyeen ogbarruu 2(%18.2) immoo kan kutaa kudha-tokko keessatti hindhiyaanee qabiyyee haaraa kutaa 12 keessatti dhiyaate ykn irra deebii kan hintaane agarsiisa.

### 4.2.3. Walitti Fufinsa Qabiyyee Mul'atan Keessatti Dagaagina Qabiyyee Ogbarruu Boqonnaadhaa Gara Boqonnaatti Kan Kutaa 11

Walitti fufinsiifi dagaaginni addaan bahee ilaalamuu hindanda'u. Sababni isaas, qabiyyeen dhiyaate tokko walitti fufinsa hinqabu taanaan dagaagina isaa ilaaluun hindanda'amu. Walitti fufinsa qaba taanaan immoo qabiyyeen sun babal'achaafi gad fageenyaan dhiyaachaa deemuusaa adda baasuun barbaachisaadha. Kun immoo qabiyyeen sun dagaagaa ykn gabbachaa deemuu isaa mul'isa. Yaada kana dabalataan Tasfaayeen (1981) yoo ibsu walitti fufinsiifi dagaaginni tokkummaa haaqabataniyyuu malee dagaaginni sadarkaadhaan babal'achaafi gadi fageenyaan dhiyaachaa kan deemu ta'uu ibsa.

**Gabatee (6): dagaagina qabiyyee boqonnaadhaa gara boqonnatti (kutaa 11 )**

| T/L | Mata duree | Boqonnaa | Fuula | Qabiyyee walitti fufinsaan dhiyaate |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sirba | 1 | 21 | Shaakala sirba daboo ykn daadoo |
| | | 12 | 164 | Shaakala Sirboota Gadaa adda addaa |
| 2 | Geerarsa | 2 | 37 | Geerarsa qabiyyee adda addaa qabu |
| | | 5 | 84 | Geerarsa Gootaa |
| 3 | Sheekkoo | 3 | 54 | Sheekkoo Arbaafi bineensota afur |
| | | 10 | 137 | Kan mana baasan manaa nama baasa kan jedhu caasaan adda baasanii ilaaluu |
| 4 | Jechama | 11 | 148 | -Jechamootatti hima ijaaruu<br>-Jechamoota sassaabuun dareetti dhiyeess |
| | | 12 | 161 | -Hiika jechamootaa barreessuu<br>-jechamoota kennamaniin hima ijaaruu<br>-jechamoota kudhan barreessuun |

Gabateen armaan olii kun qabiyyeewwan ogbarruu walitti fufinsaan dhiyaatan namatti agarsiisa. Kunis haaluma gabatee (3) jalatti ilaalleen, kitaaba barnootaa afaan Oromoo kutaa 11 keessatti qabiyyeewwan ogbarruu kudha-sadii(13) jiran keessaa bifa walitti fufinsaan ykn irra deebiin kan dhiyaatan kanneen armaan oliitti gabatee (6) jalatti argaman afoolawwan shan(5) %38.5 qofa. Bakka walitti fufinsi hinjirretti dagaagina ilaaluun hindanda’amu. Walitti fufinsi jira taanaan immoo dagaaginni jiru maal akka fakkaatu ilaaluun barbaachisaadha. Kanaafuu akkuma armaan oliitti gabatee (6) irraa hubatamuun danda’amu sirba kan jedhu kun boq. 1 fuula 21 irratti shaakala sirba daboo ykn daadoo jedhee dhiyaateera. Akkasumas, boq. 12 fuula 164 irrattis shaakala sirboota Gadaa adda addaa jedhee jira. Kana jechuun irra deddeebii qabiyyee kana keessaatti dabalanni yaadaa jira. Sababni isaas, gooroon isaa sirba haata’uyyuu malee, goreen isaa immoo akaakuuwwan sirboota adda addaatti. Knaafuu walitti fufinsa kana keessa dagaaginni qabiyye jira jechuudha.

Geerarsa kan jedhus akkuma kan sirbaa dagaagina qaba. Sababani isaa boq. 2 fuula 37fi 38 irratti garee gareetti (tuffii, faarsuu, seexessuu, balaaleffachuu wkf) qoqqooduun kan barsiisu yommuu ta’u, boq. 5 fuula 84 irratti immoo geerarsa gootaa jechuun akaakuu isaanii addaan baasee barsiisaa jira waan ta’eef hubannoo adda addaa irratti xiyyeeffatee jira. Sheekkoonis boq. 3fi 10 keessatti walitti fufinsaan dhiyaate yaada dabalataa waan qabuuf dagaaina qaba.

Akkuma armaan oliitti dagaagina jalatti Tasfaayee (1981) ibseen qabiyyeen tokko yemmuu dhiyaatu babal’achaafi gadi fageenyaan dabalaa deemuu qaba jedha. Haata’u malee, jechama kan jedhu boq. 11 fuula 148fi boq. 10 fuula 161 irratti dhiyaate walitti fufinsa haaqabatuyyuu malee, dagaagina hinqabu. Sababni isaas, boqonnaa lamaan keessattiyyuu jechamoota kennamaniin hima ijaaruufi jechamoota kudhan kudhan akka dhiyeessan gaafata. Kun immoo yaada dabalataa dhiyeesse hinqabu waan ta’eef, barattoota nuffisiisuurraan kan hafe dabalataan waan hubachiisu hinqabu. Haala dagaagina kanas dhibbentaan yoo keenyu qabiyyeewwan afur (4) dhiyaate keessaa qabiyyeewwan sadii(3) %75 foolii dagaaginaa kan qaban yoo ta’u, inni tokko ykn %25 immoo dagaagina kan hinqabe ta’uu raagaan armaan olii nimul’isa.

### 4.2.4. Walitti Fufinsa Qabiyyee Boqonnaadhaa Gara Boqnnaatti Jiru Keessatti Dagaagina Qabiyyee

**Gabatee (7): Dagaagina qabiyyee boqonnaadhaa gara boqonnatti (kutaa 12 )**

| T/L | Mata duree | Boqonnaa | Fuula | Qabiyyee walitti fufinsaan dhiyaate |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Mammaaksa | 3 | 36 | Ergaa mammaaksotaa addaan baasuu |
| | | 7 | 74 | Mammaaksota hir'atan guutuu |
| 2 | Dubbii qoolaa | 9 | 96 | Himoota kennaman dubbii qoolaa kam akka ibsu himuu |
| | | 11 | 112 | Malleen dubbii himoota armaan gadii himi. |
| 3 | Asoosama | 11 | 107 | Dungoo Halkan Sanaa |
| | | 12 | 117 | Tokkummaafi garaagarummaa diraamaafi asoosamaa |
| | | 13 | 122 | Tumaa |

Akkuma armaan oliitti kaasuuf yaallame, bakka walitti fufinsi hin jirretti dagaagina ilaaluun hindanda'amu. Haaluma gabatee (4) jalatti qorataan kun kaaseen qabiyyeen ogbarruu bifa walitti fufinsaa qabuun dhiyaate gosa sadii (%27.3) qofa. Kaneen dhiyaatan kana haala dagaagina boqoqnnaa gara boqonnaa isaanii yoo ilaalle, akkuma ragaan armaan olii ibsutti ogbarruun sadan walitti fufinsa qaban keessaa lamaan mammaaksaafi Asoosama (%66.7) qofatu dagaagina qabaachuu mul'isa. Sababni isaas, yaada adda addaa ykn dabalataa irratti dabaluun deebi'uun dhiyaataniiru. Haata'u malee, akkuma gabatee kana irraa hubatamuun danda'amu qabiyyeen ogbarruu dubbii qoolaa kan jedhu immoo dagaagina hinqabu. Kana jechuun qabiyyeewwan dhiyaatan keessaa (%33.3) immoo dagaagina kan hinqabnedha. Sababni isaas, yaaduma boq. 9 keessatti ka'etu daballii yaadaa tokkoo malee irra deebiin dhiyaate. Innis, himmoonni dhiyaatan dubbii qoolaa akkamii akka ta'an, barattoonni akka adda baasaniif kan gaafatudha..

Walumaagalatti, haaluma sakatta'insi armaan oliitti adeemsiifamee gabatee (4)fi (7)jalatti ibsameen, kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 12 keessatti qabiyeewwan adeemsa baruufi barsiisuuf qophaa'an keessaa gama walitti fufinsiifi dagaagina qabiyyee ogbarruun jiran, hanqina bala'aa qabaachuu isaa hubatamuu danda'ameera. Kun immoo dhimma baay'ee nama yaachisu ta'uusaati. Sababni isaa walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee hubannoo baratoota cimsuu irratti gahee guddaa waan qabuufi.

### 4.2.5. Walitti Fufinsa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Olee (Kutaa 11 Gara Kutaa 12)

**Gabatee (8): Dagaagina qabiyyee ogbarruu kutaa 11 gara kutaa 12**

| T/L | Mata duree | Qabiyyeewwaniifi kutaalee keessatti dhiyaatan | |
|---|---|---|---|
| | | **Kutaa 11** | **Kutaa 12** |
| 1 | Sirba | ➢ Shaakala sirba daboo ykn daadoofi sirba sirna Gadaa | ➢ Sirba fuudhaafi heerumaa |
| 2 | Sheekkoo | ➢ Sheekkoowwan bineensota adda addaa<br>➢ Ergaa sheekkoo addaan baasuu | ➢ Yaada ijoo sheekkoo dhiyaatee Hubachuu |
| 3 | Malleen dubbii | ➢ Malleen dubbiifi gosoota isaa ibsuu | ➢ Malleen dubbii himoota armaan gadii himi. |
| 4 | Mammaaksa | ➢ Hiika mammaaksa garaagaraa | ➢ Ergaa mammaaksaa qaaccessuu<br>➢ Mammaaksa tarreessuun maaliif akka dubbataman himuu |
| 5 | Ciigoo | ➢ Ciigoo keessaa soorgoo sookoo addaan baasuu | ➢ Ciigoo keessaa Sobbooqoo,<br>➢ Soorgoofi Sookoo addan baasuu |
| 6 | Hibboo | ➢ Akkaata hibboon itti taphatamu addaan baasuu | ➢ Hiika hibboowwanii himuu |
| 7 | Jechamoota | ➢ Hiika jechamootaa adda baasuu<br>➢ Maalummaafi hiika jechamootaa | ➢ Jechamootatti fayyadamuun<br>➢ ciigoo ijaaruu |
| 8 | Walaloo | ➢ Ergaa walaloo dhiyaatee himuufi qaaccessuu | ➢ Faayidaa Og-walaloo himuu<br>➢ Amalootaafi ruqoota walaloo tarreessuu<br>➢ Walaloo barreessuu |
| 9 | Asoosama | ➢ Maalummaafi caacculee Asoosamaa | ➢ Caacculee asoosamaa adda baasuun himuu<br>➢ Yaada asoosamaafi diraamaa akkasumas, Garaagarummaa isaanii |

Sakatta’a kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa 11fi 12 ija ogbarruun walitti fufinasa keessatti dagaagina olee (kutaa 11 gara kutaa 12 ) ilaalchisee guutummaan guutuutti yoo ta’uu baates, hamma tokko fooyya’aa ta’uu ragaa armaan olii irratti argamerraa hubachuun nidanda’ama. Akaakuwwaan qabiyyee ku. 11fi ku.12 keessatti dhiyaatan keessaa bifa walitti fufinsaan kanneen dhiyaatan warren gabatee armaan oliirratti eeraman sagal(9) %69.2 dha. Haata’u malee, kunneen hundi walitti fufinsa haa qabaataniyyuu malee, bifa dagaaginaan yoo ilaalaman baay’ee murasa kan ta’an hanqina dagaaginaa niqabu. Fakkeenyaaf, qabiyyee Ciigoo kan jedhu yoo ilaallee bifa tokkoon kutaa lamaan keessatti dhiyaataniiru. Kana jechuun kan kutaa 11 keessatti dhiyaate yaada dabalataa tokko malee kutaa itti aanu keessatti irra deebiin dhiyaateera. Innis, kutaa lamaan keessattiyyuu soorgoo, sookoofi sobbooqoo isaa adda baasuu jechuun dhiyaateera. Kun immoo qabiyyeen sun walitti fufinsa qabaachuu malee dagaagina akka hinqabne nutti mul’isa. Sababni isaa qabiyyeen tokko daggagina qaba kan jedhamu qabiyyeen tokko kutaadha gara kutaatti walitti fufinsaan kan dhiyaatu ta’ee, babal’achaafi dagaagaa kan deemu yoo ta’edha . Kanas dhibbentaan yoo ibsamu %88.9 dagaagina qabaachuu yoo mul’isu, %11.1 ta’e immoo dagaagina kan hinqabne ta’uu agarsiisa. Walumaagalatti haalli dagaagina qabiyyee kutaa 11 gara kutaa 12 jiru baay’ee bayeessa ta’uu mul’isa.

(Tasfaayee, 1981) yaaduma kana gabbisuun yoo ibsu, dagaaginni qabiyyee wlitti fufinsa qabiyyeetiin kan walqabatu ykn walitti dhufeenya haaqabaatuyyuu malee, garaagarummaa niqabaatu. Innis, sirna barnootaa keessatti qindaa’uun kitaaba barnootaa keesatti qabiyyeen dhiyaatu irra deebiin sadarkaa isaatiin dabalaafi gadi fageenyaan babal’achaa kan deemu walitti fufinsa kan qabu ta’uu isaati. Dagaaginni immoo dhimma irra deddeebii/ walitti fufinsaa osoo hintaanee dhimma guddachaafi babal’achaa deemuu qabiyyee sanaa kan ilaallatudha.

Yaaduma kana gidduu galeeffachuun kitaabilee barnootaa kutaa 11fi 12 sakatta’insa taasifameen kan ulaagicha guutu, kallattii walitti fufinsaan baay’ee muraasa yoo ta’u, walitti fufinsa jiru keessatti immoo harki caalaan dagaagina olee kan qaban ta’uu mul’isa. Kanaaf, fooyya’insa jiran akka ka’umsaatti fudhachuun wantoota fooyya’uu qaban fooyyessaa deemuun dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabudha.

### 4.3. Qaaccessa Af-gaaffii Barsiisota Irraa Funaanamee

Qorataan galma gahinsa qorannoo isaatiif maloota ragaa ykn odeeffannoo ittiin funaannate keessaa inni biroon gaaffii afaaniiti. Af-gaaffii kanaannis odeeffannoo gahaa argachuuf qorataan kun barsiisota Mana Barumsaa Qophaa'ina Buraayyuu kutaa 11fi ku. 12 barsiisaniif af-gaaffii qopheessuun odeeffannoo funaannateera. Akkaataan dhiyaannaa af-gaaffichaas, af-gaaffii odeeffannoo gahaa haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu kutaalee lamaan kana irratti ragaa quubsaa akkaataa argachuu danda'urratti xiyyeeffachuun af-gaffii saddet dhiyeesseera. qoratichi haala odeeffannoo barbaadu argachuu danda'uun akkaataa af-gaaffii barsiisota sana ilaalltuun erga ragaa funaannate haala armaan gadiin kutaa kutaan adda baasuun qaacceesseera. Sababni kutaa kutaadhaan adda baasuun barbaachiseefiis walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaa gara boqonnaa kan jedhu daree tokko keessatti boqannaadha gara boqonnaatti ilaalama waan ta'eef, qoratichi tokko tokkoon ilaaluun murteessaadha jedhee waan yaadeefi.

**Gaaffii 1** Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti qabiyyeewwan ija ogbarruun argaman walitti fufinsaan dhiyaataniiru? Sababni keessan maali? kan jedhuuf deebiin isaa lakki kan jedhudha. Sababni isaas, ogbarruun Oromoo bal'aadha. Haata'u malee, haala bal'ina isaa kanaan walitti fufinsaa ykn irra deddeebiin hindhiyaanne. Keesumaa kutaa kana keessatti ogbarruu jiran keessaa afoolli hama tokko kan dhiyaatan ta'us gahaa miti. Kanneen walitti fufinsaan dhiyaatan: sirba, geerarsa, sheekkoofi jechamadha. Akkuma ragaa kana irraa hubatamuu qabiyyeen ogbarruu kutaa kana keessatti baay'ee xiqqaa ta'anis kan dhiyaatan keessaa immoo walitti fufinsa kan qaban muraasa ta'uudha. Inniyyuu qabiyyeen muraasni yoo baay'ate al-lama qofa irra deebiin dhiyaataniiru.

**Gaaffii 2** Kitaaba barattootaa kutaa 11ffaa keessatti ogbarruuwwan walitti fufinsaan dhiyaatan dagaaginni isaanii akkami? kan jedhuuf, Akkuma armaan oliitti xuqame ogbarruun walitti fufinsaan dhiyaate muraasa. Hammi dhiyaatanis kallattii dagaaginaan yoo ilaalle guutummaa guutuun dagaagina isaanii eeggatanii kan qophaa'an miti. Kun immoo walumaagalatti kitaabni daree kanaaf qophaa'e hanqina walitti fufinsaafi dagaaginaa akka qabu namatti mul'isa. Kanaaf dhimmi kun xiyyeeffannoo akka barbaadu ibsee jira.

**Gaaffii 3** Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessatti qabiyyeeewwan ija ogbarruun dhiyaatan gama walitti fufuinsaan maal fakkaatu? Gaaffii jedhuuf deebisaan walumagala kutaa kana keessatti barattoonni bakka itti barnoota olaanoof qophaa'an waan ta'eef ogbarruuwwan Oromoo hunda irratti hubannoo gahaa bakka itti horatan ture. Garuu, ogbarruun baay'een kutaa kana keessaatti hin dhiyaanne. Kanneen dhiyaatanis kutaadhuma kana keessatti irra deddeebi'uun waan hindhiyyaanneef walitti fufinsi qabiyyeewwan dhiyaatanis baay'ee muraasadha. Kana malees, gilgaalota adda addaa dhiyeessuun barattoonni akka gadifageenyaan hawaasa keessaa barbaadanii fidaniif hinkakaasu. Kun immoo gama ogbarruun hubannoo barattootaa irratti dhiibbaa guddaa qaba.

**Gaaffii 4** Haaluma gaaffii sadaffaa irraatti gafatameen walitti fufinsi jira taanaan, dagaaginni isaa hoo akkami? Gaaffii jedhuuf, kitaaba barattootaa ku. 12 qabiyyeewwan walitti fufinsaan dhiyaatan kun immoo dagaagina isaa ilaalchisee yaadni kenname walitti fufinsiifi dagaaginni addaan bahuun ilaalamuu hindanda'u. Sababni isaas walitti fufinsi jira taanaan haala akkamiin akka irra deebi'ee dhiyaate iaaluun dirqama. Kun immoo dagaagina qabiyyichaa mul'isa. Kanaafu, akkatuma gaaffii sadaffaa jalatti ibsameen qabiyyeewwan ogbarruu muraasni irra deddeebiin ykn walitti fufinsaan dhiyaataniiru. Walitti fufinsaa qabiyyeewwan ogbarruu dhiyaatan kunis hunda osoo hintaanee irra caallaan isaanii bifa dagaagina qabaniin dhiyaataniiru. Fakkeenyaaf, qabiyyeewwan irra deddeebiin/ walitti fufinsaan dhiyaatan keessaa ogbarruuwwan mammaaksaafi asoosama kan jedhu yaada adda addaarratti xiyyeefachuun kan dhiyaatan waan ta'aniif dagaagina niqabu. Garuu, ogbarruun dubbii qoolaa jedhu yaaduma tokko bu'uureffachuun irra deebi'ee dhiyaate waan ta'eef walitti fufinsa haaqabatuyyuu malee, dagaagina hinqabu. Sababni isaas qabiyyeen kun boq. 9fi 11 keessatti haadhiyaatuyyuu malee bakka lamaanittuu akkaakuu dubbii qoolaa qofa gaafata. Kanaaf, hanga yaada dabalataa hindhiyeessinetti dagaagina qaba jechuun hindanda'mu.

**Gaaffii 5** Haalli walitti fufinsi qabiyyee ogbarruu oleen (kutaa 11 gara kutaa 12) maal fakkaata? kan jedhuuf, deebisaa tokkoffaan qabiyyeewwan ogbarruu kutaa lamaan keessatti dhiyaatan gahaa akka hintaaneefi akaakuwwan ogbarruu keessaas irra caalaan afoola akka ta'e ibsuun qabiyyeewwan dhiyaatan keessaa harki caalaan walitti fufinsaan kan dhiyaatan yommuu ta'u, gariin immoo walitti fufinsa akka hinqabne eeree jira. Gaaffiidhuma kanarratti deebisaa lammaaffanis ogbarruuwwan kutaa kudha tokkoofi kudha-lammaaffaa keessatti dhiyaatan keessaa walakaa kan ta'an walitti fufinsa akka hinqabneefi ogbarruun kutaawwan lamaan keessatti dhiyaatanis gahaa akka hintaane ibaseera.

Kanaafuu walumaagalatti, ragaan barsiisota mana barumsaa qophaa'ina Buraayyuu kutaa kudha-tokkoofi kudha-lama barsiisan lamaan kana irraa af-gaaffiin funaaname mul'isutti, halli walitti fufinsa qabiyyee gama ogbarruun kutaa kudha-tokkoo gara kutaa kudha-lamaa jiru hanqina akka qabuufi xiyyeeffanno kan barbaadu ta'uu agarsiisa.

**Gaaffii 6** walittii fufinsa qabiyyee kutaa kudha-tokkoo gara kutaa kudha-lamaa jiru keessatti dagaaginnii isaa maal fakkaata? kan jedhuuf, barsiisaan Afaan Oromoo barsiisuudhaan muuxannoo waggaa dheera qabu walitti fufinsa olee qabiyyee ogbarruu kutaa kana lamaanii hanqina akka qabu armaan olitti kaasee jira. Gama dagaaginaanis, qabiyyeewwan ogbarruu kutaa 11fi 12 gidduutti qabiyyeewwan walitti fufinsaan dhiyaatan kunis guutummaan guutuutti dagaagina isaanii eegattanii akka hinqophoofne ibsee jira. Sababni isaa qabiyyeen tokko irra deebiin dhiyyaachuu ykn bifa gilgaalaan shaakalchiisuu isaa qofa osoo hintaane, sadarkaa barattootaa bu'uureffachuun kan duraan dhiyaate caalaa babal'achuufi gad fageenyaan dhiyaachuu qaba. Haata'u malee, qabiyyeewwan ogbarruu kutaa kudha-tokkoo gara kutaa kudha-lamaa kanneen walitti fufinsaan dhiyaatanis ulaagaa armaan oliitti ka'e kan guutani miti jechuun yaadasaa kenneera.

Yaaduma kana Tasfaayeen (1981) yoo ibsu dagaaginni walitti fufinsa waliin kan walitti hidhatu ta'us, amala ittiin adda ta'anis niqaba. Kunis, dagaaginni dhimmi barnootaa ykn qabiyyee sirna barnootaa keessatti dhiyaatu sadarkaa isaa eegee babal'achaafi gad fageenyaan akka dhiyaachaa deemu kan hoganudha. Dagaaginni qabiyyee dhimma irra deddeebiin dhiyaachuu osoo hintaanee, dhimma guddachaafi bala'achaa deemuu qabiyyee irratti kan xiyyeeffatudha jedha.

**Gaaffii 7** Walumaagalattii akkaataa dhiyaannaa qabiyyeewwan ogbarruu ilaalchisee kitaabilee barattootaa kutaa 11 irratti maal jettu? gaaffii jedhuuf, deebisaan kutaa 11^ffaa barsiisu qabiyyeen ija ogbarruun kutaa kana keessatti dhiyaate jiru gahaa akka hintaaneefi kanneen jiranis walitti fufinsaafi dagaaginaanis hanqina akka qaban ibsiira. Kana malees, ogbarruuwwan dhiyaatan kunneen bifa waaltina qabaniin kan dhiyaatan miti jechuun yaadasaa kenneera.

**Gaaffii 8** Walumaagalattii akkaataa dhiyaannaa qabiyyeewwan ogbarruu ilaalchisee kitaabilee barattootaa kutaa 12 irratti yaada akkamii qabdu? deebisaan lammaffaa kutaa kudha 12 barsiisus yaada deebisaa duraa kan kutaa 11 barsiisuun irraa kan baay’ee fagaatu miti. Yaada addaa inni keenne yoo jiraate ogbarruun gahaan dhiyyaachu baatus, kanneen dhiyyatan keessaa dagaaginni kutaa gara kutaa jiru gaarii ta’uu ibsuu isaatti. Kaan garuu yaada deebisaa tokkoffaa deeggaruun yaadasa xumureera.

Walumaagalatti, haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbarruun, kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 keessa jiru sakatta’uuf ragaan sakatta’a kitaabilee barnootaa kutaa 11fi 12 irraa akka madda ragaa tokkoffaatti irraa argameefi akka ragaa dabalataatti afgaaffiidhaan barsiisota Qophaa’ina Buraayyuu kutaa 11fi 12 barsiisan irraa argame kan waltumsudha.

Fkn. Akkuma armaan oliitti gabatee (1) irraa hubatamu , qabiyyeen ogbarruun kitaaba barattootaa ku. 11 keessatti dhiyaate gahaa akka hintaane ragaa sakatta’insa argameerraa ifee jira. Sababni isaas, ogbarruu Oromoo baay’inaan dangaa hinqabne keessaa, boqonnaa 17 keessatti ogbarruuwwan adda addaa sagal(9) qofatu argama. Ragaan barsiisota irraa af-gaaffiin argames yaaduma kana deeggara. Innis, ogbarruuwwan Oromoo bal’aa akka ta’aniifi garuu akka bal’ina isaaniitti kan hindhiyaannee ta’uufi kanneen dhiyaatanis walitti fufinsaafi dagaagina kan hinqabne ta’uu mul’isa.

Haala dhiyaannaa qabiyyee ogbarruun kitaabni barattootaa kutaa 12 kitaaba barattootaa kan ku 11 caalaa baay’ina qabiyyeefi gadi fageenyaan dhiyachuu qaba. Garuu, baay’inni qabiyyee ogbarruu kutaa 12 kan kutaa 11 gad akka ta’e ragaan barsiisota irraa argame yoo mul’isu, ragaan sakatta’a dkumantii irraa argames yaaduma af-gaaffiin barsiisota irraa argamae tumsa. Kunis, akkuma gabatee (1)fi (2) irratti ilaallee dabarreen kutaa 11 keessatti boqonnaawwan kudha-torba qabu keessaa akaakuwwan ogbarruu 18 kitaaba barattootaa keessatti kan mul’ate yoo ta’u, kan kutaa 12 immoo boqonnaa kudha-saddeet qabu keessatti gosa ogbarruu kudha-afur(14) qofatu dhiyaate.

Walitti fufinsiifi dagaaginni boqonnaa gara boqonnaafi kutaadhaa gara kutaa jiru baay’ee akka gadi bu’aa ta’e deebistoonni af-gaaffii yoo ibsan, ragaan sakatta’insaan argames yaaduma kana kan deeggarudha. Walumaagalatti haala yaada kana irraa hubatamuun qabiyyeen ogbarruu boqonnaadha garaboqonnaatti akkasumas kutaadhaa gara kutaatti baay’inniifi gadi fageenyi qabiyyee Sanaa dabalaa hindeemu taanaan, walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee jira jechuun hindanda’mu. Maddi ragaalee lamaaniis yaaduma kana agarsiisu.

Haaluma armaan oliitti ilaalleen kitaabileen barattootaa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 gama qabiyyee ogbarruutiin hanqinni walitti fufinsaafi dagaaginni qabiyyee akka jiru ni mul’isa.

Hanqinni mul’ates:

- Qabiyyeen gama ogbarruun kutaa kudha-tokkoofi kutaa kudha-lama keessatti dhiyaatani jiran gahaa akka hintaane;
- Kaneen dhiyaatan immoo guutummaan guutuutti boqonnaadhaa gara boqonnaatti akkasumas, kutaadhaa gara kutaatti walitti fufinsa kan hinqabne ta’uufi
- Kanneen walitti fufinsa qaban immoo hundi bifa dagaagina qabuun dhiyaachuu dhabuudha.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun sakatta'a kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 gama qabiyyee Og arruun walitti fufinsaafi dagaagini isaanii maal akka fakkaatu adda baasuu irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha. Kitaabilee barnootaa Afaanii keessatti qabiyyeewwan barnootaaf dhiyaatan: Dandeettiiwwan afaanii arfan, Jechoota, Caaslugafi Ogbarruudha. Kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo keessaattis haaluma kanaan dhiyaatee jira. KBAO kutaa 11fi 12 keessattis qabiyeewwan kun kan argaman yoo ta'eyyuu irra caalaan qabiyyeewwan kanaa dandeettiiwwan afaanii arfaniifi caaslugadha. Qorannoowwan adda addaas bal'inaa qabiyyeewwan kan iratti xiyyeeffachuun gaggeeffamee jira. Haata'u malee, Ogbarruun jiruufi jireenya dhala namaa keessatti gahee inni qabu olaanaadha. Sababni isaas, keessumaa akaakuu ogbarruu keessaa afoolatti fayyadamuun, hawaasni aadaa, seenaa, duudhaa, falaasamaafi kkf haala jiruufi jireenya isaa kan ittiin ibsatudha. Akkasumas dameewwan ogbarruu kanneen akka walaloo, asoosamaafi diraamaas barreeffamaan haata'uyyuu malee, haaluma armaan oliitti afoola jalatti ilaalleen faayidaa walfakkaatu qabu. Kanaaf, har'as hawaasni ogbarruu kanatti dhimmaa bahuun haala keessa jiru ibsachaa jira. Ogbarruun, keesumaa afoolli umrii dheeraa kan qabuufi eenyummaa uummataa baatee kan deemu waan ta'eef, afoolaafi hawaasa addaan baasanii ilaaluun hindanda'amu.

Akkuma armaan oliitti ilaalle qabiyyeen ogbarruu baay'ee barbaachisaa waan ta'eef qixa siirrii ta'een qindaa'ee qabiyyee barnootaa keessatti dhiyaachuun isaa barbaachisaadha. Qixa dhiyaachuu qabuun akka dhiyaatuuf shoora guddaa kan taphtu immoo sirna barnootaati. Meeshaaleen barnootaa kanneen biro sirna barnootaa bu'uureffatu waan ta'eef, haallii qophii sirna barnootaa murteessaadha. Meeshaalee barnootaa keessaa immoo kitaabileen barattootaa isa tokkodha. Kitaabni barattootaa kun immoo qabiyyeewwan barbaadaman kan barattoota biraan gahu waan ta'eef, bakki ijoon itti xiyyeeffatamu qabu walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeeti. Qabiyyeen dhiyaatu tokko bifa qindoomina qabuun walitti fufinsaafi dagaagina isaa eegee yoo qophaa'uu baate kaayyoo barbaadamu bira gahuun rakkisaadha. Kun immoo hubannoo barattootaa irratti miidhaa geessisa. Hubannoon barattootaa immoo aadaafi seenaa, hawaasaafi biyya isaarratti miidhaa geessisa waan ta'eef xiyyeeffannoo barbaada.

Haaluma armaan oliittii ka'uuf yaaleen qabiyyeen ogbarruu akka qabiyyeewwan kanneen biroo xiyyeeffannoo dhabuufi haala waliitti fufinsaafi dagaagina isaa ilaalchisee akka qabiyyeewwan biroo qorannoon irratti gaggeeffamuu dhabuun akkan qorannoo kana gageessuuf nakakaaseera. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas, kitaabni barattoota A/O kutaalee 11[ffaa]fi 12[ffaa] walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu oleefi boqonnaa gara boqonnaa qabaachuu isaa sakatta'uu ta'uunsaa boqonnaa tokkoffaa keessatti ka'ee jira. Fiixaan ba'insa kaayyoo kannaaf immoo ragaan murteessaa waan ta'eef akka madda ragaa tokkoffaatti sakatta'isa kitaabilee barattootaa kutaa 11fi 12 yoo ta'u, akka mada ragaa lamataatti immoo barsiistota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Qophaa'ina Buraayyti.

Erga maddi ragaalee beekameen booda kan itti aanu ragaa funaanuu waan ta'eef, meeshaalee funaasa ragaa murteessuun isa tokko ture. Kanaaf akkaataa madda odeeffannoon irraa ragaan gahaa ta'e argamuu danda'uun kitaabilee barattootaa ku. 11fi 12 sakatta'uufi barsiisota Mana Barumsaa Qophaa'inaa irraa immoo af-gaaffiin meeshaalee funaansa ragaa qoratichaati.

Ragaan maddoota ragaafi meeshaalee funaansa ragaa armaan oliitti eeramaniin erga funaanamee sirrummaan isaanii ilaalamuun qaacceffamaniiru. Erga ragaan funaaname qaacceffamee ibsi itti kennameen booda hanqinooleen mul'atan jiraachu isaanii kanneen armaan gadii akka argannootti bira gahameera.

## 5.2. Argannoo

Mata duree qorannoo "Sakatta'a walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu boqoqnnaatii gara boqonnaattifi kutaatii gara kutaatti kitaaba barattoota Afaan Oromoo kutaa 11fi 12" jedhu irratti ragaalee funaanaman bu'uureffachuun argannoon argaman haala armaan gadiin taa'aniiru.

- Haalli dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 11 hanqina qabaachuu isaati. Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoo ilaalchisee qabiyyeewwan jiran keessaa haalli dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu gahaa akka hintaaneefi kanneen dhiyaatan immoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaa gara boqonnaatti jiru xiyyeeffannoo kan hinqabne ta'uusaati. Sababni kana jedhameefis, akkuma armaan oliitti gabatee (1) irraa hubatamu kitaaba barattoota Afaan Oromoo ku. 11 boqonnaawwan kudha-torba qabu keessaa qabiyyeen ogbarruu

boqonaa sagal (9) keessatti qofa kan mul’ate ta’uunsaa qabiyyeen ogbarruu kutaa kana keessatti dhiyaate gahaa akka hintaane namatti agarsiisa. Ogbarruuwwan dhiyaatan keessaa bifa irra deebiin ykn walitti fufinsaan kan dhiyaate yoo gabatee 3[ffaa] ilaallee qabiyyeewwan kudha-tokko dhiyaatan keessaa qabiyyeewwan sadii qofarratti walitti fufinsi muraasni jiraachuu mul’isa. Akkasumas qabiyyeewwan walitti fufinsa qaban kana immoo kallattii dagaaginaan yoo xiinxallee, dagaaginni jirus gahaa akka hintaane gabatee (6) armaan olii jiruufi yaada afgaafiin gaaffii 2[ffaa]tiin barsiisota irraa argame jiru nimul’isa. Kun hundi immoo qabiyyeen ogbarruu kitaaba barattootaa kutaa kudha-tokko keessatti qophaa’ee jiru xiyyeeffannoo gahaa akka hinqabne namatti agarsiisa.

- Bifuma walfakkaatuun haala dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu kitaaba barattootaa kutaa kudha-lamaa yoo ilaalles kan kutaa 11 irraa kan adda ta’u miti. Akkuma gabatee (2) irratti qaacceffame mul’isutti, kitaaba barattootaa afaan Oromoo ku. 12 keessa boqonnaawwan kudha-saddet (18) jiran keessaa boqonnaawwan saddet (8) keessatti qofa qabiyyeen ogbarruu dhiyaatee jira. Kana jechuun haala baay’ina boqonnaa jiruun ogbarruun dhiyaate gahaa akka hintaane mul’isa. Kana malees, ogbarruuwwaan dhiyaatanis, haala walitti fufinsaafi dagaagina isaaniitiin sakatta’insa kitaabaa irraa argameen gabatee (4)fi (7) jalatti qaacceffameefi ragaan afgaaffiin barsiisota irraa afgaaffii 3ffaafi 4ffaan funaanamee qaacceffameen, haalli walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu kitaabilee barattootaa kutaa 12 keessatti dhiyaate hanqina qabaachuu agarsiisa.
- Karaa biraa haala dhiyaannaa qabiyyee ogbarruu kallattii oleen jechuunis, kutaatii gara kutaatti yoo ilaalamu walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee kutaa 11 gara kutaa 12 ilaalcjhisee, akka walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ogbarruu dalgee ykn boqonnaa gara boqonnaa hanqina bala’aa kan qabu yoo ta’uu baates, guutummaan guututti walitti fufinsaafi dagaagina kan qabu miti. Haaluma armaan oliitti gabatee(5) jalatti qaacceffameen kutaa 11 keessatti akaakuwwan qabiyyee ogbarruu 13fi kutaa 12 keessatti immoo akaakuwwan qabiyyee ogbarruu 11 dhiyaatan keessaa qabiyyeewwan adeemsa waliitti fufinsa qabuun kutaa kudha-lama (12) keessatti deebi’anii dhiyaachuun walitti fufinsa agarsiisan immoo akaakuwwan qabiyyee (9) sagalidha. Baay’ee muuraasa kan ta’an immoo walitti fufinsa hinqabani. Akkasumas

bifa dagaaina qabiyyeewwan walitti fufinsa qabanii maal fakkaata kan jedhuuf guutummaan guututti yoo ta'uu baates irra caalaan qabiyyeewwanii bifa dagaagina qabuun dhiyaachuu mul'isee jira. Kanas gabatee (8) armaan oliitti fuula 49 irra jirurraa hubachuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, walitti fufinsaafi dagaagina oleefi boqonnaa gara boqonnaa qabiyyee ija ogbarruun kitaabilee barattootaa kutaa 11ffaafi 12ffaa keessatti dhiyaatee jiru gahaafi xiyyeeffannoo kan hinqabne ta'uu qaaccessa armaan oliitti gaggeeffame irraa hubatamuun danda'ameera. Kanaaf, walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbarruun kitaabilee barnootaa kutaa 11fi 12 keessatti dhiyaatee jiru boqonnaatii gara boqonnaatti akkasumas, kutaatii gara kutaatti jiru hanqina waan qabuuf xiyyeeffannoo kan barbaadu ta'uusaati.

## 5.3. Yaboo

Haaluma qorataan kun armaan oliitti ragaalee qaacceffamanirraatti bu'uureffachuun hanqinoota adda ba'an irratti hundaa'uun yaada furmaata haala armaan gadiin kennee jira.

1. Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 11[ffaa] keessatti haalli qindoomina qabiyyee ogbarruu adeemsa baruufi barsiisuuf ykn shaakalaaf dhiyaatuu haala qophii isaarraatti osoo xiyyeeffannoon kennameef gaariidha. Beektonni kitaabilee barnootaa qopheessuurratti qooda qaban, akkaataa kaayyoo qabiyyee ogbaruun sun galma gahuu danda'uun walitti fufinsaafi dagaagina isaa eegee osoo qophaa'ee barattoonni akaakuwwan ogbarruu hunda nuffii tokko malee bifa walitti fufinsa qabuun barachuun hubachuu danda'u.
2. Haallii qophii kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 12[ffaa] qabiyyee ija ogbarruun walitti fufinsaafi dagaagina isaa eegee qophaa'urraatti akkuma kan kutaa 11 hanqina waan qabuuf xiyyeeffannoo kan barbaadudha. Qabiyyeen muraasni walitti fufisa kan qaban yoo ta'u kaan immoo walitti fufinsa hinqabani. Kun immoo, qabiyyeewwan hundi bifa walfakkaatuun waan hindhiyaanneef hubatamuu qabiyyee kanarratti danqaa ta'a. Sababni isaas, qabiyyeen dhiyaatu walitti fufinsa hinqabu taanaan yaadni sun addaan ciccitaa ta'a. Kanaafuu, qabiyyeen dhiyaatu duraa duuba isaa eegee walitti fufinsaan dhiyaachuun hubannoo barattootaaf barbaachisaadha. Walitti fufinsa keessatti qabiyyeen irra deddeebi'uun dhiyaachuu qofa osoo hintaanee, gulantaadhaan dabalaafi dagaagaa

deemuun barattoonni isuma duraa iirra deebi'e jechuun tuffachuufi nuffurra yaada haaraa ofkeessaa qaba jechuun xiyyeeffannoo waan itti kennaniif hubannoo isaaniif gaarii ta'uusaati. Kanaafuu, dhimmamtoonni qophiilee kitaabaa kanarratti shoora taphatan xiyyeeffannoo itti kennuun murteessaa ta'uusaati.

3. Kitaaba barattoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa gidduu walitti fufinsaafi dagaaina olee ija qabiyyee ogbarruun jiru akka walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaa gara boqonnaa hanqina bal'aa kan qabu yoo ta'uu baates, guutummaan guutuutti gahaa miti. Walitti fufinsi akaakuwwan qabiyyee ogbarruu hundaan kutaa itti aanu keessatti yaada dabalataa qabatee irra deebiin dhiyaachuun barbaachisaadha. Barattoonni kutaadhaa gara kutaatti yoo cehaa deeman kutaan isaaniis dabalaa deema waan ta'eef, haaluma kanaan qabiyyeen isaaniis akkasuma dabalaafi gadi fagaachaa deemuun murteessaa ta'uusaati. Kun hundi kaayyoo karoorfame bira gahuuf baay'ee barbaachisaa waan ta'eef, haala qophii kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 itti yaadamee yoo qophaa'e kan duraa caalaa bu'aa qabeessummaa qabaata.

Walumaagalatti, sakatta'a kitaabilee barattootaa Afaan Oromoo kutaalee 11ffaa fi 12ffaa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija ogbarruu irratti qorannoo gaggeeffameen argannoo argameef yaanni furmaataa armaan oliitti dhiyaatee jira. Kanaaf qaamni dhimmi kun ilaallatu hundi hanqina mul'ate hubachuun fuurmaata itti kennuun barbaachisaadha. Akkasumas, hanga Biiroon Barnoota Oromiyaafi qaamni dhimmichi isaan ilaallatu furmaata kana kennanitti barsiisonni mana barumsaa qophaa'ina Buraayyuu Afaan Oromoo barsiisaniifi kanneen biroo waraqaa qorannoo kana argachuu danda'an bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'anii qabiyyeewwan dhiyaatan akka barsiisaniifi ogeeyyiin barnoota waraqaa qorannoo kanaa dubbiisuuf carraa argattan bu'aan qorannichaa akka hojiitti hiikamuuf waliin haadhabbannuun ergaakooti.

**Wabii**

Abbabaa Gabbisaa. (2010). *Xiinxala Dhiyaannaa Afoolaa Kitaaba Barattoota Afaan Oromoo Keessatti (Kutaa Kudha-Tokkoofi Kudha Lamaa Kan Bu'uureffate):* Finfinnee, Yunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hinmaxxanfamne)

Addunyaa Barkkeessaa. (2011). *Akkamtaa, Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti*, Finfinnee: Efficiency printing press.

Asafaa Tafarraa (2009). Eelaa. Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee: Far East Trading PLC

Berg, B.L (2001). *Qualitative research methods for socialscience*. Boston: allyn and Bacon.

Bilbao and et al .(2008). *Curriculum Development*. phillippines: Lorimar Publishing, Inc.

Cohen. (1994). *Researchmethods in Education, 4th ed.* London: Routlgde.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Dirribaa Dabalee. (2008). *Xiinxala Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Kutaalee 11fi 12: walitti fufinsaafi dagaagina irratti xiyyeffachuun*. Qorannoo eebba boodaa Yunivarsiitii Finfinnee (kan hinmaxxanfamne)

Eeliyaas Muhammad. (2017). *sakatta'a hojilee ogbarruu afaan oromoo mana sagadaa amantii kaatoolikii marqoos qulqulluu baroota 1860-1991 keessatti godina harargee lixaa aanaa doobbaa*: Finfinnee, Yunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hinmaxxanfamne)

Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo.* Finfinnee: Subii Printing press.

Gaaddisaa Abdii, (2001).*Xiinxala Walsimannaa Qabiyyee Silabasii, Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa: Xiyyeeffannoo Barnoota Afaan Oomoo Kutaa 10ffaa*: Finfinnee, Yunivarsiitii Addis Ababaa (waraqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hinmaxxanfamne)

Ghazo A. (2015). Vertical Integration Of Grammatical Concepts According To The Spiral Curriculum Designe. *International Journal Of Language And Linguistics* 2 (4)

Heinich, R. (1993). *Instructional Designe Models.* New York: Macmillan Publishing Campany.

Ministeera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa kutaa 11*: Kampala Uganda. MK Publishers Ltd.

________________. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa kutaa 12*: Kampala Uganda. MK Publishers Ltd.

______________. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 11:* Kampala Uganda. MK Publishers Ltd.

______________. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa kutaa 11:* Kampala Uganda. MK Publishers Ltd.

NEK International Consultancy. (1999). *Teachers Education Handbook*: Institute For Curriculum Development and Research, Minstry of Education: Addis Ababa

Nunan.D.(1988). *Syllabus Design*. Oxford: Oxford University Press

______ . (1990). *Second Language Teacher Education.* Cambridge: Cambridge University Press

______(1994). *The Learner Centered Curriculum*, Cambridge: Cambridge University Press.

Ornstein, A and Hunkins, F. (2009). *Curriculum: Foundations, principles, and issues*. Boston, MA: Allyn & Bacon.

Rabbirraa Tarrafaa. (2008). *Gadaa: caasluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10.* Finfinnee, Oromiyaa, Elleni P.P.PLC

Richardas.J.C. (2001). *Curriculum development in Language Teaching*.Cambridge: Cambridge University Press

Tafarii Nugusee .(2005). *Bu'uura ogbarruu Oromoo Barreessuu*. Wiirtuu-Jiildii 8

Tamasgeeniifi Tashoomaa .(2015). Qopheessa Silabasiifi Meeshaalee Barnootaa. (Muujulii barnoota Fagoo kan hinmaxxanfamiin)

Yalden .J. (1987). *Principles of course Design for Language Teaching*, Cambirge: Cambirdge University Press

**ተስፋዬ ሽዋዬ፡፡** (1981) **፡፡ የስነ-ልሳንና ቋንቋ ማስተማር፡፡ አዲስ አበባ፡ አ.አ. ዩኒቨርሲቲ፡፡**

https://repository. nwu.ac.za › handle › D…

https://www.edrawsoft.com › use-flo…

https://www.indiastudychannel.com/.../120148-Teaching-Ai

https://www.smartdraw.com/flowchart/

**Dabalee 'A'**

Sakatta'a Kitaabilee barattootaa Afaan Oromoo Kutaa 11fi 12 Irratti Adeemsifameen Haala ogbarruuwwan Gilgaalota Keessatti dhiyaatan

Kitaaba Barattootaa Oromoo Kutaa 11ffaa

| **Boqonnaa** | **Gosoota Ogbarruu** | **Fuula** | **Gilgaala** | **Qabiyyee gilgaalichaa** |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sirba daboo | 23 | 11 A | Dhaamsa walaaloo sirba daboo |
| | | 23 | 11 B | Hiika jechoota walaloon walqabatu |
| | | 24 | 11 C | Walaloo gara holoolooti deebisuu |
| | | 25 | 11 D | Gaaffii sirbaa daboo keessaa bahe deebisuu |
| | | 25 | 11 E | Buufata sirba daboo keessaa bahe irratti mari'achuu |
| | | 25 | 11 F | Yaada walaloorratti hundaa'uun deebisuu |
| 2 | Geerarsa | 37 | 9 A | Geerarsa maalii akka ta'e adda baasuu |
| | | 38 | 9 B | Garee gareettii qoqqooduun geerarsa qabiyyee adda addaa qabu dhiyeessuun qaaccessuu (tuffii, faarsuu, seexessuu… ) |
| 3 | Sheekkoo Bineensotaa | 54 | 10 A | Ergaa sheekkoo<br>Mammaaksa sheekkoo keessaa |
| | | 55 | 10 B | Hiika himoota sheekkoo keessaa bahanii |
| | | 56 | 10 C | Sheekkoo sana hubachuusaanii kan madaalu |
| | | 56 | 10 D | Sheekkoo bineensotaa maatii gaafachuun akka dhiyeessan |
| 5 | Durdurii | 73 | 1 A | Fakkii ilaalanii durdurii sana tilmaamuu |
| | | | 1 B | Hiika jechootaa durdurii keessaatti rakkisu jedhamanii yaadaman tilmaasisuu |
| | Malleen dubbii | 81 | 5 A | Gosoota malleen dubbii |
| **Boqonnaa** | **Gosoota Ogbarruu** | **Fuula** | **Gilgaala** | **Qabiyyee gilgaalichaa** |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 5 | | 81 | 5 B | Hiika malleen dubbii bifa walitti firoomsuun |
| | Geerarsa gootaa | 84 | 6 | Ergaa geerarsaa<br>Geerarsa gootummaa ilaalchisee jiru fiduun irraatti mari'achuu |
| 8 | Faaruu ateetee | 122 | 9 | Barattoonni gareen mana ateeteen itti faarfamu deemuun akkaataa ateeteen itti dhiyaatu akka dhiyeessan gochuu |
| 10 | Sheekkoo | 137 | 5 | Akkaataa taatee sheekkoo dubbifamee |
| | Mammaaksa | 139 | 6 A | Maalummaafi faayidaa mammaaksaa |
| | | | 6 B | Hiika mammaaksaa |
| | | | 6 C | Mammaaksa hir'ate guutuu |
| 11 | Ogwalaloo | 144 | 2 | Walaloo |
| | | | 4 A | Caacculee walaloo |
| | | | 4 B | Gosoota walaloo |
| | Ciigoo | 146 | 5 A | Maalumaa ciigoo, soorgoofi sookoo |
| | | | 5 B | Yaadannoo waa'ee ciigoo |
| | | 147 | 5 C | Ciigoowwan kennaman keessaa soorgoofi sookoo baasuu |
| | | | 5 D | Ciigoowwan adda addaa dhiyeessuu |
| | Hibboo | 147 | 6 A | Maalummaa, faayidaafi seera tapha hibboo |
| | | | 6 B | Fakkeenyaa akkaataa dhiyeenya hibboo |
| | | 148 | 6 C | Hibboo hiriyyaa isaanii waliin akka taphtan |
| | Jechama | 148 | 7 | Jechamoota kennamaniin hima ijaaruu<br>Jechamoota adda addaa funaanuun dhiyeessu |
| 12 | Jechama | 161 | 8 A | Hiika jechamaa barreessuu |
| | | | 8 B | Jechamoota kennamaniin hima ijaaru |
| | | | 8 C | Jechamoota akka funaanan gochuu |
| | Sirba sirn Gadaa | 164 | 11 | Sirba sirna Gadaa gaaffachuun dhiyeessuu |
| **Boqonnaa** | **Gosoota Ogbarruu** | **Fuula** | **Gilgaala** | **Qabiyyee gilgaalichaa** |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 15 | Asoosama | 187 | 1 | Elementoota asoosamaa |
| | | 188 | 2 | Asoosama “Faaya mormaa” Ifi II |
| | | 196 | 3 | Ergaa asoosamaa |
| | Qoosaa/ Baacoo | 198 | 5 A | Maalummaafi faayidaa qoosaa |
| | | | 5 B | Akka fakkeenyatti baacoo adda addaa Funaanuu |

**Kitaaba Barattootaa Oromoo Kutaa 12ffaa**

| Boqonnaa | Gosoota Ogbarruu | Fuula | Gilgaala | Qabiyyee gilgaalichaa |
|---|---|---|---|---|
| 3 | Mammaaksa | 36 | 7 A | Ergaa mammaaksotaa adda baasuu |
| | | | 7 B | Mammaaksa mammaaksaan hiikuu |
| | | 37 | 7 C | Mammaaksafi ergaa/hiika isaa waliin akka himan gochuu |
| 4 | Hibboo | 47 | 5 A | Maalummaa hibboofi seera ittiin taphatamu |
| | | | 5 B | Deebii hibboowwanii akka kennan |
| | | 48 | 5 C | Hibboo naannoo isaanii akka waliif dhiyeessan |
| | | | 5 D | Faayidaa hibboowwanii |
| 7 | Sheekkoo | 71 | 1 | Odeeffanoo dubbisa duraa waa’ee sheekkoo |
| | Mammaaksa | 74 | 4 | Mammaaksa eegalame xumuruu |
| 9 | Walaoo | 90 | 2 | Walaloo buufata hira’atee guutuu |
| | | 94 | 5 | Walaloo “kudhaama koo” jedhu |
| | Ciigoo | 95 | 7 | Ciigoowwan kennaman keessaa sobbooqoo, soorgoofi sookoo baasuun hiika isaanii kennuu |
| | Walaloo | 96 | 8 | Ruqooleefi amaloota walaloo himuu |

| Boqonnaa | Gosoota Ogbarruu | Fuula | Gilgaala | Qabiyyee gilgaalichaa |
|---|---|---|---|---|
| 9 | Walaloo | 96 | 9 | Walaloo barreessuu |
| | Dubbii qoolaa | 96 | 9 | Gosoota dubbii qoolaa himuu |
| 11 | Asoosama | 105 | 1 A | Maalummaa asoosamaa |
| | | | 1 B | Amala asoosamaa |
| | | 106 | 2 A | Shaakala dubbisa duraa waa'ee asoosamaa |
| | | | 2 B | Asoosama "Durgoo halkan sanaa" jedhu |
| | | 106 | 3 A | Shaakala yeroo dubbisuu dhimma asoosamichaa |
| | Malleen dubbii | 112 | 4 | Gosa malleen dubbii himuu |
| | Asoosamaafi Al-asoosamaa | 113 | 5 | Garaagarummaa asoosamaafi al-asoosamaa adda baasuu |
| | Caacculee asoosamaa | 114 | 6 | Caacculee asoosamaa adda baasuu |
| | | 116 | 7 | Asoosama gabaabaa barreessuu |
| 12 | Diraamaafi Asoosama | 117-120 | 1-3 | ➢ Barattoonni odeeffannoo diraamaafi asoosama irratti qaban akka ibsan gochuu<br>➢ Tokkummaafi garaagarummaa diraamaafi Asoosamaa<br>➢ Diraamaa ta'insaa tokkorratti barreessuu |
| 13 | Asoosama | 121 | 2 | Asoosama mata duree "Tumaa" jedhu |

## Dabalee ‘B’

Af-Gaaffii Barsiisota Barnoota Afaan Oromoo Barsiisaniif Dhiyaate.
Yuunvarsiitii Finfinnee
Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

Barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoffaafi kudha-lammaffaa Barsiisaniin kan deebi’u.

Kaayyoon af-gaaffii kana ciminaafi hanqinaalee walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee ija og-barruun barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoffaafi kudha-lammaffaa keessatti mul’atu adda baasuun eeruu ta’a. Waan kana ta’eef odeeffannon dhugaa isin naaf kennitan, bu’aa qorannoo kana nimurteessa. Kanaaf af-gaaffii isiniif dhiyaate kana bilisafi ifa ta’uun akka naaf deebistan kabajaanan isin gaafadha. Odeeffannoo isin irraa argadhu iccitiin kan qabamu, akkasumas hojii qorannoo kana qofaaf kan oolu ta’uusaa isiniif mirkaneessa.

**Kutaa tokko**: Qajeelfama waliigalaa

1 Maqaa mana barumsaa------------------------------------

1 Saala-----------------------------
2 Umrii----------------------------
3 Sadarkaa barnootaa -------------------------
4 Barnoota ittiin leeji’an, akka tokkoffaatti ---------------, akka lammaffaatti ------------------
5 Muuxannoo barsiisummaa waggaa --------------------

**Kutaa lammaffaa**: gaaffilee af-gaaffiif dhiyaachuuf qophaa’an

1. Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 11$^{ffaa}$ keessatti qabiyyeewwan ija ogbarruun argaman walitti fufinsaan dhiyaataniiru? Sababni keessan maali?
2. Kitaaba barattootaa kutaa 11$^{ffaa}$ keessatti ogbarruuwwan walitti fufinsaan dhiyaatan dagaaginni isaanii akkami?
3. Kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessatti qabiyyeeewwan ija ogbarruun dhiyaatan gama walitti fufuinsaan maal fakkaata?
4. Haaluma gaaffii sadaffaa irraatti gafatameen walitti fufinsi jira taanaan, dagaaginni isaa hoo akkami?
5. Haalli walittifufinsa qabiyyee ogbarruu kutaa 11 gara kutaa 12 maal fakkaata?
6. Walitti fufinsa mul’ate keessatti haalli dagaagina qabiyyeewwan kanaa akkamidha?
7. Walumaagalattii akkaataa dhiyaannaa qabiyyeewwan ogbarruu ilaalchisee kitaabilee barattootaa kutaa 11 irratti maal jettu?
8. Walumaagalattii akkaataa dhiyaannaa qabiyyeewwan ogbarruu ilaalchisee kitaabilee barattootaa kutaa 12 irratti yaada akkamii qabdu?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uusaatiif Kanaan dura yuunvarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhiyaatiin ta’uusaa; akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee, wabii keessattis kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Araarsoo Leellisaa

Mallattoo ________________________________________

Guyyaa __________________________________________